# Milikiticha (Mallatticha)

Shreveport, Louisiana USA

63-1128E

1 Galatoomaa.

Nanamana.

Yaagooftaa, nan amana, gooftaa, nan amana,

wantihundi ni danda'ama;ani nan amana yaa gooftaa.

Mee yeroo xinnoof kadhannaaf,yeroo qulqullummaa kana keessatti,deebinee wal arguu keenya beekuun, Isa walitti nu qabe waaqeffachuuf, maqaagooftaatiin asitti argamuu keenyaaf mataa keenya Gadi haa qabnu. Waaqeffattootakana keessaa, gaafii kadhannaa adda ta'ee fi akka irratti isinii kadhatamuu kanbarbaaddanii fi gaafichas waaqayyoof beeksisuu kan feetan yoo galgala kana jiraattan, kadhannaan akka yaadatamtan harkakeessan baasaa. Hundee jalas warri jirtani fi baalkonii keessas jirtan, tokkochuma, Inni harka baastan sana ni arga.

2 Yaa Waaqayyo humna cimeessa kan taate, kan ardii lafaa fi samiiuumte, Maqaa gooftaa Yesuusitiin gara kee dhufnee jirra. sababni isaas maqaaIsaatiin yoo dhufne akkuma waada nuuf galametti, dhimma keenya dhiyeeffachuu nidandeenya. Kanaafuu abbaa keenya, wanta hamaa dalagne hunda irraa dursa akka nuuf dhiiftu ni kadhanna, wanti kadhanneef hundi galgala kana kandhokatu haa ta'u, dhiiga gooftaa Yesuusiin kan dhiqamu haa ta'u, akkuma nutisgadi jennee dogongora keenya dubbanutti. Akkasumas gaafiiwwan gaafatamanhundaaf, harkoota ol ka'an kana hundaaf ni kadhanna. Yaa gooftaa,maalummaa fihiikka wanta harka ol ka'ee jala jiru ni beekta. Haala qaroomina guddaakeetiinis akka deebistu Si kadhadha yaa gooftaa,nutis immoo Ati wanta hundaakka beektuu fi jalqabuma irraa akka ta'e ni hubanna,

Akkasumas sababa Ati nu wajjiin argamuu keetiif, galgalli kunyeroo dheeraaf kan yaadatamu akka ta'u ni kadhanna. Galgala kana akkuma bakkagalata dhiyeessinu kanatti argamneen,oolmaa keenya yeroo itti xummurru kanatti,abbootii darban keenyaaf hammam gaarii akka turteee fi ayyaanna akka biyyaattikabajamaa jiru kanaaf, yaa gooftaa,wanta nuu raawwatteef nutis si galateeffachuuf mataa keenya nigaragalchina, gooftaa. Amma wanta gaafanne kana hunda akka nuuf raawwattu,maqaa kabajamaa Yesuus Kiristoosiin ni kadhanna. Ameen.

Taa'uu nidandeessu.

3 Dhugaadhumatti, galgala kana deebi'ee waaqeffattoota waldaajireenyaa kana keessatti argamaniif tajaajiluuf asitti argamuu kootiifgammachuu guddaatu natti dhagahama.

Dhiifama nuuf godhaa. Obboleessoo Mooreen, seeraa waldichaakeessatti namoota baay'ee qabaatanii hin beekan nuun jedhe. Baay'een isaaniideemanii jiru, galgala kana garuu seenaa waldichaa keessatti duuba hangaafootti guutanii hin beekan. Bakki hundi guutee jira, alaa manna, girgiddaajalaa fi Kooridarii irratti, dallaan alattis daandii irratti, namoonni biroosganaa dhufaa jiru. Kanaafuu hanga ammaatti sagalee waaqayyoo dhagahuuf dheebuunjiraachuu isaatiif baay'ee gammanna, kanaafis galata ni galchina.

4 Amma immoo, waaqayyoo yoo jedhe, boru galgala namootadhukkubsataniif waaqayyoon kadhachuu ni eegalla, akkuma yeroo hundaa yerootokkoof yookaan lamaaf, yommuu koonfaraansi kana keessa jirru namootadhukkubsataniif kadhannaa raawwanutti. Waaqayyoos wantoota kanaaf dhiyeenyakana nu eebbisee jira.

Waay'ee haadhatti manaa ganama kana isinitti himaa ture, hammamwanti sun waggaa sadihiif, oh, waggoota shanii fi jahaan dura,galgala tokkoharka ishee qabee, nama wayiitiif, dubartii birootiif, hollanna akkasii mul'suufyaalaa ture, beektuu, rakkoon isheen qabdu tokkos hin jiru ture yeroo san, ammagaruu dhibee Timoorii akka qabdu beeke. Doktorichis beekuu hin dandeenye ture.Waggoonni sadihii fi afuris darban, doktarichi garuu beekuu hin dandeenye.

Dhuma irratti ni mul'ate, gara naannoo waggoota lamaan durattihatattamaan guddachuu eegale, hammina loomii irraa, amma gara firiimadariinaatti ol guddate. Haakimtichis…nutis itti fuufaa turre, amantaadhaaf.Doktarichis akkana jedhe, “dirqamatti si keessaa bahuu qaba. gara sadarkaadu'aaf si geessutti jijjiramaa jira.

Baasisiisuu qabda."

5 Akkasumas kaleessa, yookaan dheengadda, kaleessa yeroo dhumaatiifgara hospitaalaa deemuu ishee waan beekeef. Yaalamuu isheetiin dura, golakeessatti jilbiiffadhee onnee guutuudhaan kadhachaa ture. Yeroo olka'uttis…lafaa ka'uu kootiin dura, Inni isa kana natti hime. Anis ol ni ka'e. Doktarichis bakka argama isaa iddookamiittu arguu hin dandeenye. gonkumaa bade jira. Achumaanis ni bade, hindeebine.

Turtii xinnoon booda, deebi'ee ni bilbileef, baay'ee gammaddeeturte. Akkanas naan jette, "torbee darbe," "Biilii dhukkubni isaa hamaa ture,hanga ammaattu gadi taa'uu, halkan ciisuu, waan tokkos godhuu hin dandeenye."dabaltees, "yeroo hundaa gara galuu yommuu barbaadu, Timooriin guddaan suniskeessatti ni gara gala."battaluama teessoo irraa buutee, isheeni fiobboleettiwwan ishee gariin dhufaniin, "doktaricha as jiru kanaafis itti himeeture, 'Obbo. Biraanhaam…"' jette. "milikkinni tokko iyyuu hin jiru, maal akkata'e wanti beeku hin jiru.' 'milikkinni tokko iyyuu hin jiru,' jette. Akkasumasinni, "Ol ka'i.'jedhe, kan inni jedhes nan raawwadhe,kan hafe immoo waaqayyo nideebise."

6 Jalasitti hiriyaa durii koo tokko barbaachaa jira. Dhiyeenyumakana,hiriyaan maqaan isaa…lammiin isaa Jarmanii dha. Maqaan isaaD-a-u-c-h,haalli inni maqaa isaa itti katabu kana jedhee yaada. Nuti garuuDauch jennee waamna, 'sababni isaas jecha Jarmanii sana sirritti waamee hindanda'u. Umriin isaa waggaa sagaltamii tokko. dhiyeenyuma kanas maqaa GooftaaYesuus Kiristoosiin isa cuuphee jira. Nama gaarii dha, Oral Roobartii finamoota birootiifis gargaarsa guddaa nama kennaa turee dha. Garuu yeroo gaafatokko gara Waldaa dhufu, uffata hin qabu ture, garuu akkuma ta'e ta'eecuuphamuu ni barbaade.

7 Guyyaa darbe, umriin isaa waggaa sagaltamii tokko ture. Dhibeeonnee qofa osoo hin taane,onneen isaa guutummatti tajaajila hin kennu ture.Haati manaa isa bira turte, hojii narsummaatiin waggaa dheeraa kan galmeessiteedha. Gara Hoospitaala Limuu, Ohiyoo keessatti argamutti, doktaroota baay'eebeekkamoo biyyatti keessatti bakka argamanitti isa geessan. Garuu carraa sa'aatokkoof yookaan caaluuf jiraachuu hin arganne, du'e ture;hojii dhaabuu onne,umrii sagaltamii tokkoo fi dhibee onneetiin. "Obboleessoo hiyyeessa Biil Dauch,akka tasaa yeroo darbe argee ture. Dirqamatti gara isaa dhaquuf yaaluu qaba,"jedhee yaade, halkan guutuu kadhachaa bule. Yommuu isaan dhibee onnee guddaan ciisaa jira jedhani nattihiman,namni umrii sagaltamii tokko, fayyuu akka hin dandeenye ni beeke.

8 Kanaafuu, hiriyaa gaariin koo fi kan maatii kooti akkasii, ganamaguyyaa itti aanuu isa arguuf yaaluu eegale. Karaa gubbaa irratti, "nama gaariiakkamii turee!" jechaa yaadaa ture, "guyyaa tokko irra deebi'ee ni arga,"jedhee yaade. Gara isaas…

Hatattamaan konkolaachisaa yeroo deemaa jiru, rakkoon goommaa namudate, sirreessuuf iyyuu yeroo hin arganne…goommichi sun sarara irraa baheebakka xixiqqootti kukkutame, gara karaa gubbaattis qabadhee dhaqe. Gara keessaaseenees, "Jijjiruudhaaf yeroo hin qabu," jedheen.

Namtichaanis, Kiloomeetira digdama keessatti ammas, keessaa nibaha," naan jedhe.

Anis, "Ani yeroo hin qabu, obbo. Galatoomi. ammas deebi'ee haaba'u." Ammas, "Ani bakka suuphaa jira. gara hiriyaa du'aa jiru kootti dhaquuqaba," jedheen.

9 Anis naannoma sanatti olii gadi deddemuu eegale. Gara oliis niilaale, mul'atas nan arge. Obboleessoon Dauch waldaa keessa yommuu taa'u nanarge. Yommuu dhufu, gara isaatti ni ilaale, karaa keessa gadi dhufee, harka koool na kaase, sosochoose. Akkanas jedhe, "Dhaqii isatti himi, 'WAAQAYYOO AKKANAJEDHA."

As taa'ss jira, kabajamoo. Akkasumas waay'ee tajaajiloota ittiaananii, obboleessoon Dauch Ohiyoo irraa gadi maayila dhibba sadikonkolaachisee, waldaa keessa taa'ee tajaajila qoodatu, gadi argee beekuudanda'ee jira. Torbee darbes New Yorki dhaqee ture, New Yoorkittis, namootaheddu jdduu, taa'ee isa argee jira. Galgala kanas, Shreevepoorti keessatti, astaa'ee jira amma.

Yommuu ani balbala yeroo keessaan, gara jireenya bara baraa seenu,waaqayyoo yoo nagayaan akka darbu na godhe, gaafa tokko gara kaaniin harka isaani fuudha, 'waaqayyo walfakkaataa waan ta'eef.

10 Guyyoota muraasaan dura, wantoonni gurguddoon, guyyoota muraasadarban keessatti wantoota ta'an isinitti himuu hin danda'u. Akkas fakkaata,akka ani itti amanutti, baroota dhumaa keessatti…wanta Koloraadoo keessattiraawwatameen asitti, torbeewwan muraasa dura, kadhannaa koo deebisuuf gooftaancaalatti naaf laafee jira. Kanamalees,beektuu,waay'ee tajaajilaailaalchisee,adarkaa sadaffaa ta'uutu irra jira ture; maalummaa isaa immoo,gonkumaa himuu hin danda'u. Kanaafuu, gooftaan nu wajjiin akka jiruu fiwantoota gurguddoo raawwachutti akka jiru nan amana.

11 Galgala kana, inni kun qophii kabaja galfannaa waan ta'eef,lallabuu irra, xinneessee haala barnoota sambataatiin dhiyeesse,waay'ee tajaajilafayyisummaa yookaan tajaajila kamii iyyuu haa ta'uu,maalummaa wangeela irrattihundee ni dhiisa jedhee yaadee ture. Kanaafis,macaafa seera ba'uu,boqonnaa12ffaa keessaa obbolessaa dubbisu nan qaba. Anillee erga inni dubbisee booda…waanumainni dubbise keessaa garii isaa ni dubbisa. yaada sassaabbadhe deebi'ee nandhufaa. Caafanni 12ffaa fi 13ffaan boqonnaa 12faa, akka yaada kooti kana nattifakkaata.

Ani halkan sana biyya Gibxii keessaan nan darba,angafa biyya Gibxiisnamaa hamma haritti nan dha'a;ani waaqayyoo, waaqayyoolii warra Gibxii hundumaairratti firdii nan raawwadha.

Dhiigni manneen isin keessa jiraattanittijiru garuu milikitta isiniif ni ta'a; anis dhiigicha yommuun argu isin irra nidarba; yeroo ani dha'icha kana biyya Gibxiitti fidutti, isin balleessuudhaafdha'ichi tokkollee isinitti hin bu'u.

12 Inni sun anaaf caafata adda ta'ee dha. Anis amma caafatoota,hedduhedduu fi yaadanoo yeroo musaasa keessatti irratti dubbachuu barbaadu qabadheejira. Kanaafuu ani…sirritti qayyabachudhaaf akka nu dandeessisu, haala barnootasambataatiin barsiisuu hin fedhu.

Akkasumas gara fuulduraattiyeroo boqonnaa barbaachaa jira, isa hafuura waaqayyootiin gaggeeffamu kan ta'e,bara dhumaa amma nuti keessa jiraataa jirruu kanatti; amantaa ol butuuf,hafuura qulqulluu biraatiin hamminaan guutamuun ni barbaachisa, inni kunraawwatamuu isaatiin dura. Wanti hundis isa sanaaf haala qajeelaan ta'eentaa'ee jira. Bara sagaleen waaqayyoo sadarkaa olaanaa irra ga'uu qabu birageennee jirra jedhee yaada. bara yaadaa sammuu keenyaa fi ilaalcha amantaakeenyaa gara laddatti dhiifnee gara sagalee waaqayyootti dhufuu qabnu birageenne jirra jedhee yaada.

13 Waaqayyo,bara hundaa keessatti, akkuma kaleessa galgaladubbadhetti, isa dhumaa jalqaba irraa dubbatee jira. Bara dhalootaa hundaakeessatti wanta ta'u Inni dubbatee jira. Akkasumas, "Waaqayyoo, yeroo addaaddaa keessatti, raajota ergaa turee jira. sagaleen gooftaas yeroo hundaaraajota Isaatiif ni bu'a, isaan raajota bara sanii ta'aniif. baroota tokkoontokkoo keessatti immoo, dalagaan raajichaas kan ture, sirriidhumatti waada barasanaaf galame ibsuu dha.

Akkasumas yommuu gooftaan keenya Yesuus Kiristoos gara bakkaattidhufetti, Innis ibsa sagalee bara sanaa ture. Inni Isaayyaas 9:6 ture, "Mucaannuuf dhalatee jira,"fikan biraas.Akkasumas Isaayyaas35,Isaayyaas 28:19keessattis tokkochuma ture. Isaan caafatoota hunda kanneen sana dura himaman,jechootuma himaman kana mirkaneessuuf dhufe. wantuma bara sana keessattiraawwatamuu qabu sana dhugumatti raawwate. sagaleen,macaafni kun sagaleedha,sagaleen immoo waaqayyo.

14 Amma immoo wanti hundi sirreeffame jira. waadawwan galaman sanneenmirkaneessuudhaaf, namni tokko gara bakkaatti dhufuu qofatu barbaachisa, amantaa-waamicha waaqayyootiin. Fakkeessitootaa fi wantoota adda addaatiin gadiqabamaa akka turre nan beeka. Muusee fi Aaroonis waanuma wal fakkaataa keessadarbanii jiru. Garuu, yeroo inni sun ta'utti, isaan garuu hin sochoone. Muuseenyeroo fakkeessitoota miirawaa olaanaa ta'an sun, isa qunnamanitti,biraa akkadeeman taasise. Isaanis waanuma inni raawwate fakkeessaa turan, garuu inni guutumatti hanga mirkanaa'utti eeggachaature. Bara dhumaattis waanumti walfakkaaru akka raawwatamu waada galamee jira."Akkuma Jaambreesi fi Jaanees Muuseedhaan balaaleffaachaa turanitti," ergamaan bara kanaas ni balaaleffama.Amma, garuu waadicha gonkumaa dhoogguu hin danda'u. Waadicha qofa guddisuu kandanda'u. Inni sun dhugaa qofa baasuu kan danda'u.

15 Amma, galgala kana waan tokko akka hubattan nan barbaada, innismata-dureen har'a irratti dubbachuuf jirru: "Milikkiticha", Milikkita!

Amma, wanti duraa, akka hubattan kan barbaadu- maalummaaqajeelcha,faasikaa Ayihuudotaati. Hoolaa dhiira ta'uu qabaata,guyyoota kudhaafuriif qoratamuu qabaata.

Akaakuu sirrii Kiristoosii akkamiitii,akaakuu faallaa ta'e, kandhiira ta'e, hoolaa, akkasumas baroota tajaajilaa isaa sadihii fi walakkaaf kanqorame, mormiin heddu kan isatti ka'e, tajaajilaa waldaa bara sanaa kanture,garuu sagalee abboota daddafee qabachuun kan mirkanaa'eef. ArgamaSeexanitti iyyuu, Inni akkana jedhe, "Barreeffameeti jira. barreeffameetijira." dhaabbatatti, sagaleedhaan alagaa moo'ate ture.

Fakkeenya sirrii bara keenyaaf kan nuuf ta'e, kan yeroo hundaasagalee waaqayyoo bara sanaaf caafameen alagaa kan moo'e dha!

Akkanas jedheen,"Caafatoota,isaan jireenya bara baraa nuuf kennujettanii yaaddan barbaadaa, Isaan sunis eenyummaa kook an mirkaneessanii dha."Karaa biraatiin, "caafanni wanta bara kana keessatti ni raawwatama jedhe, anikan hin raawwanne yookaan kan hin mirkaneessine yoo ta'e, sana booda ani amanaamiti. Garuu yeroo sana eenyutu cubbuudhaanna himachuu danda'aa?" cubbuun,"amanuu dhabuu dha." Inni waadaalee waaqayyo bara sanaaf seene hundamirkaneessee jira. Raawwatee jira. Inni baricha sana kan qaqqabe, Masihichawaan tureef, barichis bara Masihichaa ture.

16 Amma wanti hubannu, gara saafayaatti, irbaataan booda, hoolichiqalamee ture, halkan keessa xinnoo fagaatee. haala kamiinis ta'u Hoolichiqalamee ture!

Amma hubadhaa, tuutni Israa'eli hundi Hoolicha goora'uun isaanirraa eeggama ture. Warri du'a Isaatii fi Dhiiga Isaatis kan wabii ta'anisaanuma Israa'eloota turan. Waay'ee kana irratti fedha waaqayyoo yoo ta'e borugalgala ni dubbanna, kan danda'amuu fi waaqayyoon kan gammachiisu yoo ta'e,"Dhiiga Harkoota irraa."

Hubadhaa, dhiigni kun wanta biraa wajjiin gonkumaa hin makamneture. Walitti makamuus hin danda'u. Kophaadhuma isaatti, dhiiga Hoolicha sanaature. Dirqamatti balbala alaati irratti cuphuu qaba ture. wanta biraa wajjiinwalitti makamuu hinj danda'u.

Yeroo ammaas, haaluma kana, isaan Isa kana ilaalcha fi firoomaamantii wajjiin, daawwii fi wantoota biroo wajjiin walitti makuuf yaalii gochaajiru,garuu inni hin makamu!Gonkumaa iyyuu, wanta kamiiyyuu wajjiin walittimakamuu hin danda'u. Dhiigni wanta biraa wajjiin hin makamu.

17 Akkasumas dirqamatti nyaattamuu qaba, namoota qophaa'anii fiimalaaf uffatanii kan dhaabbatanii dha.Yommuu inni kun himamu, namoonnidirqamatti imalaaf qophaa'uu qabu.

Kunis warra hin amannee fi isaan diida dhaabbatanii isaaf gaddaaturaniif hin turre. warra amantoota ta'anii fi isaan dhiiga jala jiraniif,warraUffatan,warra Inni dhiigeef, warra harka Isaa keessa jiran, foon Isaatiin warramarfamanii fi imalaaf warra qophaa'aniifi dha.

18 Sababni ani guyyaa galatagalchuu kana,kabaja ayyaanaa isa har'a kabajamu filadheef, imaltoonni abootii keenya warri durii dhufaniibiyya akka bulchan guyyaa waaqayyoo isaan eebbise waan ta'eefi dha. Isaanisbiyya hangafa ta'e uumuu danda'anii jiru.yeroo ammaas addunyaakeessatti,malaammaltummaadhaan wanta kamiiyyuu caalaa dhaabbachuu danda'eejira, garuu kufuun isaa kan hin hafnee dha.Akkaa sagalee waaqayyootti,gonkumawanta isa guddisu hin raawwanne. gonkumas hin jaarre. Hoolaa, dargaggeessature. "Sana booda hoolichi fuuldura isaatti akka bineensa Diraagonittidubbate." kan bahe qaamaa bishaanii,namoota heddu yookaan muraasaa keessaa osoohin ta'in, dachee keessaa ture kan bahe. kanaafuu hoolaan gaanfa lama,isa humnamootummootaa fi waldaa Kiristaanaa wajjiin wal qabate akka ture ni hubanna, dhugumatti immoo yeroo ammaa akkabineensa Diraagonitti dubbachuuf wajjiin adeemu, fakiii irraa garabineensichaatti,nutis hanga ammaatti biyyatii kana keessatti waaqayyoonwaaqeffachuudhaaf mirga qabna.

19 Amma immoo bakkuma teenyetti mataa keenya gadi qabannee,waaqayyoon nyaata uumamaa nuti soorannu waan nuu biqilchee fi bara kana waannuu qindeesseef ni galateeffanna. Sana raawwachuu osoo baatee, hundi keenyaduunee turre. Tooftaan inni tokkoffaan isin lubbuudhaan jiraachuudandeessaniif, isin akka jiraachuu dandeessaniif sababa guyyaa guyyaan wantitokko du'uun dirqama ta'eefi dha. Foon yommuu soorattan,horiin du'eeti. Foonhoolaa yommuu soorattan, sababa hoolichi du'eefi dha. Fuduraa fi mudara yommuusoorattan, isaanis du'aniiti. Isin jiraachuuf dirqama wanti

tokko jiraachuuqaba. Kanaafuu, wanti tokko du'uu baannaan isinis hin jiraattan.

Kanaafuu, isin lubbuun akka jiraattan, wanti wayii du'uun yoo irrajiraate, jireenya bara baraa jiraachuuf wantii wayii du'uun hammam caala ree.Albuuda qaama du'aa kanaan kan ka'es, anis galgala kana dubbachuu danda'eejira, lubbuunis jiraachuu dandeenyee jirra. Wanti wayii du'uun dirqama.Ce'uumsi Kiristoosiin kan bakka bu'u ture, jireenya bara baraa keenya. Ammahubannoon hin ciccine kan dhuufnfaa kee nu barbaachisa.

20 Milikita. "Dhiigni isiniif gatii ni ta'a," mallattoo ni ta'a," mallattoo ni ta'a jedheen. " Millikitni," haala hiikkaa Weebistaritti, "gatiin kafalamuu isaa mallattooagarsiisuu dha." kanaafuu, kafaltiin, gatiin kafalamuu isaa mallattooagarsiisuu dha.

Akkuma kaampaaniwwan daandii baaburaa fi konkolaataati.garakonkolaataa keessa seentanii…iddoowwan heddutti konkolaataa yookaan baaburaanimaluu kan dandeessan kafaltiidhaan qofa. Tikkeetti imala keessanii ni bittu,isaafis ni kafaltu. Isaan immoo gatiin imala keessanii kafalamuu isaa kanagarsiisuu tikkeetti isiniif kennu. Kanaafuu gara konkolaatichaatti yookaanimmoo gara baaburaatti seenuuf kan qabaachuu qabdan kana.

21 Fala taq'uun, hoolaa Israa'elii Jahoovaaf kan barbaachisu ture. Du'airraa dheessuudhaaf,du'a biraatiin bakka bu'uun dirqama ture. Jahoovaanishoolaa falaaf ta'u barbaadee,dhiigni hoolichaas gatiin kafalamuu isaatiifmallattoo ture.Dhiigni kunis wanti wayii du'uu isaa agarsiisuuf mallattoo ture.kana malees dhiigni kun mataan isaa gatii ture. Akkanas jecha ture, "Manni kunwantoota sagalee Jahoovaatiif barbaachisan guute jira, kanaafis gatii kafalamekanaanis eegumsa argatee jira,nuufis kafalamee jira."

Kiristoosii isa kanaaf bareedina akaakuu akkamii ta'eefi, gatiikeenya kan yeroo ammaa akaakuu akkamiiti!

22 Jireenyi wareegamaan kan argamee ture. Dhiigichi immoo gatii ture.Ajajni isaa raawwatamaa turee jira. Dhiigichi!hoolaa yommuu wareegdan Jahoovaanisin arguun irraa hin eegamu ture. kan isin irraa eegamuu yeroo ergamaan du'aabalbala keessan biraan darbu, balbala keessan irratti dhiiga dibuu qofa, innikunis hoolichi wareegamuu isaatiif mallattoo dha. Mana kana keessatti wantoonniJahoovaaf barbaachisan guutamuu fi gatiinis kafalamuu fi gatiinis isa ta'uuisaa dhiigichi mallattoo ture. "Mallatticha yoommun argu isin irra nan darba."mallattoon achi yoo jiraate, gatii agarsiisa. Ilaalaa, dhiigni du'a osoo hinta'in mallattoo du'aa ture. "Dhiigicha yommuun argu, gatiin du'aa kafalamuuisaa nan beeka, kanaafuu isin irra nan darba."

23 Daawwadhaa, ilaalaa, waaqeffataa amanaan wareegama, dhiiga kanaanadda bahaa ture. Waaqeffataan Jahoovaatti amanee fi ulaagaalee Jahoovaangaafatu guute, dhiigicha mataa ofiitii fi mana isaa irratti dibuun of beeksisaaturee jira, inni kunis waaqeffataa sanatti amanuu dha. Akaakuu kiristoosiisirrii bara kanaa!amanaan kun ulaagaalee Jahoovaan gaafatu guutuu isaabeekuudhaaf dhiigni akka mallattoo gargar baasuutti fayyadaa ture. "ulaagaaleeJahoovaan gaafatu waan guuteef,dhirqamatti ergamaan du'aa mana koo irra darbuuqaba, maatii fi isaan jaalatamoo dhiiga kana jala jiran kootiif hoolaanwareegamee jira,wareegamuu hoolichaatiif immoo mallattoon ni jira." Ameen. "Mallattoon ni jira. ulaagaaleen waaqayyoo guutamanii jiru." Ameen. waay'eekana yommuun yaadu, onneen koo gammachuun ni utaala.

24 Amma, jireenyi bineeldaa amanaa irratti deebi'ee dhufuu hin danda'u,kanaafuu dhiigni akka mallattootti dhaabachuutu irraa eegama ture. Ilaalaa,dhiigni inni qaama seelii dhiigaa tokko irraa eegalee qaama bineeldaa keessattiwalitti qabame kanatu hammina dhiiga kana hundaa bineeldicha keessatti uumuudanda'e. yommuu dhiigni kun bineeldicha keessaa ba'u, lubbuun bineeldichadhiiftee baate. Amma waaqeffataan mataa ofii dhiiga wajjiin wal fakkeessu, keemikaalasirri dhiigichaa agarsiisuu qaba. Maaliif? wanti agarsiisuu danda'u sana.sababni isaas, lubbuun bineeldichaa gara namaatti dhufuu waan hin dandeenyeef.Jireenyi bineensichaas lubbuu waan hin qabneefi dha. Garuu, dhalli namaa lubbuuqaba. Kanaafuu, jireenyi deebi'ee dhufuu hin dandeenyeef, dhiigni akkamallattoo du'aatti dhaabachuu qaba.

25 Bara kana keessattis mallattoo ni qabna. kan nuuf kennames faallaisa duriiti.Dhiiga isa uumamaa ta'e sana keessaa, kan nuuf kenname uumamaolaanaa kan ta'ee, dhiiga olaanaa dha.Wantoonni ta'iinsi isaanii dursatlmaamame hundi dhaloota kanaaf, mallattoon kennameefi jira. Amma hafuuraqulqulluu ni qabna, inni mallattoo keenya, akkasumas du'a hoolichaa fudhachuukeenyaafis kan ittin gargar baanuu dha. lubbuun dhala gara keenyatti deebi'eeakka dhufu Yesuus qofa osoo hin turre, waaqayyoo mataan

isaa fooniin mul'ateeture kan dhaalummaa ijoollee gara keenyatti kan fidee fi nuti amma immooijoollee dhiiraa fi durbaa waaqayyoo kan taaneef. Inni sun gatii dha. Inni sunakka darbinu eenyummaa keenya kan agarsiisuu dha. waaqayyoon amanuu keenya kanagarsiisuu dha, waaqayyoos mirkaneessee jira.

26 Bara duriitti akka nuti yeroo ammaa kana wangeela qabnutti isaanhin qaban ture. Yeroo sana hafuurri qulqulluun kennamee waan hin turreef, haaladuraa duubaani fi baratama ta'een barsiifamaa ture.

Garuu nuti yeroo ammaa albuudicha ni qabna. Foormulaa yookaanimmoo cheemikaala qafa miti kan qabnu;dhiiga Yesuus Kiristoosii fuutanii onneenamoota hundaa irratti fayyadamuu hin dandeessan. Waaqayyoo hafuura qulqulluuergee jira, kafaltiin dhala namaa, onnee namoota keessa waan hin turreef. Innikunis kaayyoo waaqayyoo ofitti fudhachuu keessan kan gargar baasuu fi ulaagaleeJahawwee guutuu keessan kan agarsiisuu dha. Isiniif jecha Inni Qaraaniyooirratti isaan guute, isin immoo jilbiibbii keessan irratti ulaagaalee kanneenguuttan. Akkasumas waaqayyoo mallattoo kafaltichaa isiniif kenne jira,deebi'uunhafuuraa Kiristoos irra kan ture, jireenya, du'a, awwaalamuu fi du'aa ka'uunifi jireenya bara baraa jiraachuuni fi yeroo ammaa waldaa amanaa keessatti akkata'e kan mirkaneessuu dha. Ameen, kun mallattoo gaarii dha, mallattoo gatii. Innisun…

27 Dhugaadhumatti, waayeen isaa hamaan himamaa turee jira.Achittiargamuun isaas kaayyoo sanaaf ture. Warri Misiraa ittin taphachaa turanii jiru,namoonni yeroo ammaas akkasuma.Garuu inni mallattoo waaqayyoo barbaaduu dha.Akkuma dhiiga hoolichaa balbala irratti dibanitti, keemikaala dhiigaa YesuusKiristoos garuu dibuu hin dandeenye ture, sababni isaas, keemikaala dhiigaahoolichaa ture isa irratti dibuu kan danda'an, waaqeffaticha irratti deebi'eedhufuu kan danda'u dhiiga hoolichaa keessatti lubbuun hin jiru ture. Asittigaruu jireenyi hoolicha keessa ture…kan, "jireenyi dhiigicha keessa jira." dhiigni Qaraaniyyoo irratti jigee jira,lafa irratti dhangalaa'ee jira, nutiammo yeroo ammaa gatii dhiigichaa ni qabna, innis amantoota ta'uu keenya gargarbaasuuf hafuura qulqulluun cuuphamuu dha.

28 "Akkasumas mallattoowwan kuniin isaan warra amanan ni hordofu,"isaan kunis warra

Proofeesaroota osoo hin ta'in, garuu amantoota adda bahaniibeekkamanii dha! "Hordofuu dhabuus ni danda'u. Akka tasaa hordofuus ni danda'u"?Yesuus, "warra amanan ni hordofu," jedhe. Raawwatamuu dhabuun konkumaa isaafhin danda'amu! "Gochoota Ani raawwadhu, isinis ni raawwattu." Inni sun addabaasuu dha. Yesuus sagalee waaqayyoo, mataa Isaa kan ta'e ibsuu qoodni isaa.Akkasumas qoodni waldaa bara kanaa sagalee waaqayyoo bara kanaaf waadaa galamehafuuruma walfakkaataa yeroo sana sagalee saffisiisetti fayyadamuun ibsuu dha. Hafuurrummaansun yeroo ammaas sagalee waaqayyoo amantootaaf kan saffisiisuu fi waanumawalfakkaatu kafaltiin namtichaa kana kan jireenyi Yesuus Kiristoos kan du'aaka'e amantoota isaa keessa jiraachuu isaa kan ibsuu dha. Oh, inni sun waldaakan kakaasu ta'uu qaba! akkuma jiruun dhugaa dha.

29 Wareegama keenya wajjiin walsimachuun nurraa eegama. Du'a Isaawajjiin ibsamuu qabna. Yommuu Ayhudaan harka isaa wareega irra fe'u, of gar garbaasaa ture, cubbuu isaa gara wareega kanatti dabarsaa ture, wareegichis nidu'e. Nuti amma, amantaadhaan harka keenya gooftaa Yesuus kiristoosi irrattiyommuu feenu, du'a Isaa wajjiin qoodannee jirra.

Du'a Isaa keessatti qofa osoo hin taane, garuu yoo fudhatama kanargannu yoo ta'e, du'a Isaa qofa osoo hin ta'in du'aa ka'uu Isaa keessattis niqoodamna. Lubbuu Isa keessa ture sanaan, akka kafaltiitti gara amanaattideebi'ee ergamee jira, duutis isa darbuu isaatiif akka yaadannooti ni fayyada,kanaan alattis hanga guyyaa ol butamuu keessanitti waaqayyoo gara mootummaaIsaatti isin maxxansee jira. Warra Efeesiyoonii 4:30

Wangeela dhugaa fi amanaamaa dha, hanga ani qulqullummaan anibeekutti! dhugaa ta'uu isaa ni beeka. Yaalee jira.Ismiin biraa hin jiru,dalagaanbiraa hin jiru, kaayyoon biraas hin jiru, namoota biroos gowwoomsuu miti,homaayyuu miti. Inni kun amantaa qulqulluu sagalee waaqayyoo kan ta'ee fi wanta biraa wajjiinkan hin bulbulamne fiwaaqayyoo Qaraaniyoo irratti nuti mataakeenya fayyisuuf wanti gochuu dandeenyu tokkos akka hin jirree beekuudhaanhojii xummuramee dha.

30 Abrahaam waaqayyotti waan amaneef qulqullummaa isaatiif sababa ta'eef.Sana booda waaqayyo kittaanamuu isaa kan mirkaneessu fi amanuu isaa kanmirkaneessu mallattoo ni kenneef. Innis wangeela ture.

Nutis amma waaqayyotti amannee jirra yommuu jennu, waaqayyoosdhiiga gooftaa yesuus Kiristoosiin,Qaraaniyoo irratti dalagaa xummurameen, nuuf kennuudhaan amantaa keenya gargar ni baasa,sana boooda jireenya keenyas Isa keessa. Jireenyi wareegama keenyaas numakeessa jiraata.

Dhiiga Keemikaalaa hoolichaatiini miti kan dhufuu danda'e, sababniisaas, isa sana keessa wanti deebi'ee dhufuu danda'uu waan hin jirreef, dhiigaqofa waan tureef. dhiigicha sana gara qaama dhala namaatti daddabarsuu hindandeessan. Haala sanaan hin dalagu, dhiigni bineensotaa gara qaama dhalanamaatti darbuu hin danda'u.Kanaafuu Keemikaalli dhiigaa dursa kanakeekkachiisuudha malee kan tajaajiluu miti.

31 Garuu amma lubbuun dhiiga hoolichaa keessa ture kafaltii ni ta'e.Amma immoo nuti du'a,awwaalamuu fi du'aa ka'uu Isaatiin yommuu of ibsinuu fiIsatti amanuudhaanii fi gara du'a, awwaalamuu fi du'aa ka'uu Isaatti cuuphamnuudha. Yommuu olkaanuu, hafuurri qulqulluun gatii keenya nuuf kafaluuf achijira,kafaltii jireenya bara baraa isa onnee, lubbuu,qaama keenya guutuu,sammuu, qaama fi wanta biraa hunda irratti,kan isin namoota amanuudhabuu irraagar gar kan baatan ta'uu isaa kan agarsiisu. Wantoota addunyaa irraa isinnamoota gar gar baatanii dha. Isin namoota du'a irraa adda baatanii dha. Isinwantoota hundaa irraa kan adda baatanii dha. Akkasumas, isin namoota waaqayyoohafuura qulqulluudhaan Mootummaa Isaatiif mirkaneessee dha.

32 Hanga kafalti sanajabeessitanii qabattanitti seexanni, dhukkubni, dutii, gadadoon yookaan wantibiraa kamiiyyuu kan cinqisiisuu miti. Ameen. Amantiin hin jijjiramne keessanIsa sana jabeesse kan qabatuu fi haala Yesuus Kiristoosii, fakicha isin yerooammaa ittin adeemaa jirtan kana ni uuma.

"Akkasumas yommuu mallatticha argutti, isin irra ni darba."Mallattoo dha, gatiin kafalamuu isaa mallattoo agarsiisuu dha. Yesuus gatiikafalee jira, isin immoo Isa irraa fudhattanii jirtu. Mallaticha harkatti yooqabattan, du'aa ka'uu mirkanaa'e ni qabdu. Adeemsa kana keessatti,wantoota isinbarbaachisan hundaaf inshuraansi ni qabdu, gatii cunqursa Isaa Qaraaniyoo,bakka Inni gatii abaarsaa keessan hundaa arge,irratti kafalame keessattikennamee jira. Milikkitni sun nageenya lallaba. Ameen.

Seexanni kamiiyyuu isa dhaabbachuu hin danda'u.Wanti Isa afoodhaabachuu danda'u hin jiru waaqayyoo waan mirkaneesseef.Gatii isa kalatiin itti kafalame sana harkattiqabadhaa. Oh, inni-inni kun milikkita gaarummaa dubbatuu dha.

33 Beektuu, mana murtii keessatti,murtiin isin irrattimurtaa'ee,du'uu keessan yeroo beektan,akkuma namtichaa mana Kilabii halkaniikana kan obboo Oswaaldii tasumatti ajjeesetti. Wanti akkasii yookaan wantibiraa kan isa kanaan wal fakkaatu isin mudatuu isaa kan beektan osoo ta'ee,abbaa seeraa cimaa isaa barbaaddanii ni qacartu ture.

Ani ni godha. Jireenyi koo haala hamaa keessa ta'uu isaa osoobeeke, abbaa seeraa cimaa ta'e barbaadee ni qacara ture. Namni kamiiyyuus kanani godha. wanta raawwachuuf sababa gahaa ta'e qabuu dha.

Amma, dhimma kana keessatti, gara teessoo elektirii deemaajiraachuu keetii fi maatii kee irraa jireenya kee guutuu adda bahuu kee beekuufakkuma isaan elektrikaan si ajjeessaa jiranitti, yookaan wanta biraa fedhesta'u, sababa ati balleessaa qabaachuu kee beektuufi dha. Abukaatoon kun immoodhimma kee qabatee dhaabachuutti jira.

34 Amma, abukaatoon wanta beeku hundaa kaa'ee jira jedhee yaaduu nidanda'a. Garuu, ilaaltaa, hammamiiyyuu abukaatoon gocha keessan mirkaneessuufyaalii taasisus, abbaa murtiituu dhimicha irratti murtii dabarsa. Abukaatoondhimmicha mana murtiidhaaf sirritti mirkaneessuun abbaan murtii haqa gochakeessanii akka hubatu gochuu qabaata.

O waaqayyo, namoonni kana qofa hubachuu osoo danda'anii! Abbaanmurtii keenya abukaatoo keenya. Dhimmichi furmaata argatee jira. Wanti hundaafuramee jira. Innummaan abbaa murtii ta'e abukaatoo dha, abukaatoo keenyas.Dhimmichi furmaata argatee jira, kafalticha ni qabna. Abbaan seeraatii fiabukaatoon isaan lamaanuu nama tokko.Yeroo waaqayyo fooniin uumamee nu gidduujiraatetti,abbaan seeraa keenya, abukaatoo keenya ta'e dhimmichi keenyasfurmaata argate. Akkasumas hafuurri qulqulluun biyya lafaa kanaa gara biyyagamaatti darbuuf qophaa'uu keenyaaf akka

kafaltiitti ni jira.

35 Nuti cubbuu irraa bilisa; kana booda kan cubbuuti miti, kanaddunyaatis miti. “Daa'imman xixiqqoon, isin kan addunyaati miti.” Abbaanmurtii fi abukaatoon keenya tokko, nama tokko ture, kanaafuu dhimmi keenyafurmaata argatee jira. Dhimmichi baay'ee nutti hammaatee ture! Dhimmichi,cubbuun nuti raawwanne, baay'ee nurratti hammaatee ture,hanga qulqulluuolaanaan iyyuu nuuf kadhachuu dadhabutti;ulaagaalee guutuu hin danda'u.Qulqullaa'oos miti, Kirubeelis miti, qulqulluu olaanaas miti, gatii eenyusguutuu hin danda'u. Dhala namaa fayyisuuf wanti raawwatamuu danda'u tokko yoojiraate, abbaan seeraa bakka qabachuu fi abukaatoo ta'uu qofatu barbaachisature. Wanti Inni raawwates isuma kana.

36 Kafaltiin yookaan immoo dhiigni osoo, yeroo bayiinsamisirootaatti, seera ba'uu isaanitti,kafaltichi mallattoo olaanaa osoo ta'eejiraatee, amma osoo…mallattichi mul'atu malee, kafaltichi osoo gaarii ta'uubaatee. Mallattichi mul'achutu irraa eegama ture. Miira mallatticha agarsiisuuosoo hin ta'in, garuu mallattichi dirqamatti mula'achuu qaba ture!

Akkasumaas hammamiiyyuu namni kamiiyyuu Ayhuuda ta'uu isaamirkaneessuu danda'uu fi dhaqna qabaadhaanis Ayhuuda kakuu ta'uu ni danda'a,inni kun dhimmicha wajjiin gonkumaa wanti wal qabsiisuu tokkos hin jiru.Inni…kakuu osoo hin ta'in kafaltii fudhatee jira. Inni gonkumaa, “Yommuu mallattookakuu argu,” hin jenne. Garuu, “yeroo mallattoo argu!” jedhe malee.

Kanaafuu, har'a, isin Kiristaanota ifatti labsamtan ta'uu nidandeessu, akka tasaas kakuu kan qabdan ta'uu ni dandeessu, Kiristoos wajjiinkan kakattan ta'uu ni dandeessu; garu hanga mallattoon sun bara dhumaa ittidhufaa jirru kana keessatti mul'atu malee, karaan Inni isin dabarsuu danda'utokkos hin jiraatu.Dirqamatti mallattoon mul'achuu qaba. Banaa ta'uu qabaata.

37 Amma, yaadadhaa, Ahuudaan tokko dhufee, “Namootanana ani dhufee isinni baasa,jechuun irraa eegama ture. Inni sun dhugaa ta'uu isaatti nan amana.Ani raajicha, muuseetti ni amana. Ibidda balal'aa Isa qajeelchaa ture sanattini amana. Inni sun Jahaawwe ta'uu isaatti ni amana.” Hunda isaatiif wabii niba'a, sagalee hundaa ni amanaa,ergaa hundaas ni amana, garuu immoo, “Anisakkuma keessan karaa irraa bahee jira, sababni isaas ani Ahuudaa dhaqna qabameedha.” galgala faasikaa sanatti osoo dhiiga sana qabaachuu baate, haalumawalfakkaataa ta'een du'e ture.

Yeroo ammaa, waldaaleen hundinuu, namoonni hundinuu, mallattoohafuura qulqulluu sana mul'isaa hin jiran, jireenya hafuuraatiinis du'aa jiru,gara fuulduraattis ni du'u. Hammamiiyyuu du'a, awwalamuu fi awwaalaaka'uuttiamantanis;hammamiiyyuu sirna amantaa Hawwariyaatotaa irra deddeebitaniijettanis, deddebitanii jettanis,yookaan wanta feetanis gootan;hammamiiyyuunamoota barnoota gaarii qabdan taatanis, hangamiiyyuu beekkumsa Tiyoolojiiqabaattanis, bachilarii Artii kamuus qabaatttan, wanta biraa kamuus,DD,LD,Doktora laatinii, yookan wanta kamiiyys qabaattan, garuu inni kunfaayidaa hin qabu. Mallattoon mul'atu jiraachuun dirqama.

38 Innis gaaddiduu Isa wanta dhugaa bara kanaa ture, isa gosa garagaraati. Mallattoon dirqamatti mul'achuu qaba. Ayhuudaan tokko dhiyaate jirata'a, waldaa waaqeffannaa keessa turuu isaa wabiin dhiyeessuu ni dandaa'a;garuumallattoon achi hin turre, bataskaanichis faayidaa tokko malee ture. Yerooammaas kanuma, obboleessaa fi obboleetto koo.

Isa kana akka yaadattan nan barbaada. Isin warri keessaa, alaa,warri jalqaba irra jirtan, bakka kamiiyyuu taatanis, yeroon dhumaa dhiyaatejira. Yeroo ammaa kanas dadhabummaa waldaalee arguu ni danda'a. Namni hundinuudu'a namoota baay'ee arguu ni danda'a, miseensota baay'ee isaanii. Innis sababaisin ittiin taphattaniifii dha, akkasumas qaama miiraa keessanittifayyadantaniiti wantoota biroo kaaftan. Beekkumsa namoota garii irrattishundooftan,beekkumsa Tiyoolojii dhaabbatoota gariitti anamtan, miseensummaawaldaalee haawwota keenyaa irratti ni amatu,kana malees Paastaroota amanamootatokko tokkotti ni amantu. Garuu wantoonni sunniin hundi isaanii gaarii dha, isaan wajjiin falmii hin qabu, Ahuudotaaf dhaqna qabaa caal hin turre, inniskaayyoo Waaqayyoo hin turre. “Yeroo dhiigicha argutti,” fi isa qofa!

39 Akkasumas yeroo har'aa, hafuurri qulqulluun, waadaa waaqayyootinamoota waadaa waaqayyoo ta'an wajjiin. Hafuurri qulqulluun jireenyiKiristoosii du'aa ka'ee, waldaa keessatti jidduu namootatti mul'achuu qaba,Isa, “kaleessas, har'as, baorus yeroo hundumaa tokkuma godhuudhaan.”

Hamma fedhe iyyuu miseensa amanamaa taatanis! wanta kamiiyyuusta'uu ni dandeessu,dhiira yookaan dubartii gaarii ta'uu ni dandeessu. Inni sundhugumatti sirrii dha. Isa ni dinqisiifanna. Garuu kafaltii qofatu isinfayyisuu danda'a, kafaltii waaqayyoo. Barataa macaafa qulqulluu gaarii ta'uu nidandeessu. Namoota amala gaarii qabdan ta'uu dandeessu. Caalatti immooPireezadaantiis ta'uu ni dandeessu. Wanta ta'uu barbaaddan kamiiyyuu ta'uu nidandeessu. Gonkumaa dhiifansi hin jiru.

Waaqayyoo yeroo seera ba'uuMisira irraa eegalutti, warra Israa'eloota misira keessaa waamuun, gara biyyalafaa waadaa Isaatti, dhiifansi konkumaa hin jiru ture. Namni kamiiyyuudhiigicha mul'isuu qaba ture.

40 Bara har'aa immoo, seericha ba'uun, caasaa keessaa garamisirrootti waamuu dha. Hammamiiyyuu caasaa keessa jiraattus, ammayyuukafaltiin jireenya gooftaa Yesuus Kiristoos si barbaachisa. Wanti biraagonkumaa fayyaduu hin danda'u. Ammas kafaltiin ni barbaachisa.

Namni kamiiyyuu, nama amanamaa ta'us ta'uu dhabaatus. Akka tasaanama Farahoo durii Misira duriis ta'uu ni danda'a, yookaan immoo nama baay'eebarbaachisa bara sanaas kan ture ta'uus ni danda'a, hamma fedhes namabarbaachisa ta'u, mallattoon isa irratti dibamuu qaba ture. Phaaphaasis ta'e,Qeesiis ta'ee, wanta kamiiyyuus ta'u, Pirezadaantii, mootii,bulchaa, mootiimoototaa,isa kanaan gonkumaa kan walqabatuu miti. Waaqayyoo namoota waldaamallattoo qaban qofa adda baafataa ture. Bara ammaas kanuma, hafuurriqulqulluun namoota waadaa galameef qofa adda baafachuu danda'a.

41 Duuti yeroo kamiittuu Misira waraanuuf qophaa'ee akka ture nihubanna. Waaqayyoo garuu barakaa,humna fi mallattoo Isaa isaanitti agarsiisee ture. Waaqayyo immoohumna, mallattoo fi ayyaana Isaa isaanitti mul'ise.

Adeemsa jijjiramaa kamiiyyuu irratti immoo humni, mallattoonii fiayyaanni akka duuka bu'u akka beektan nan barbaada.Ayyaanni gara ummatootaattiakka dhufu; Humna eenyummaa Isaa ittiin beeksisuu fi mallattoo yeroo sanaa.Akkuma bara kanatti, wanta biraa raawwatetti. Inni kana karaa hedduun raawwate.Caafata tokko qabattanii, torbee kudhaniif isuma irratti naanna'aa naanna'aaturtu, gonkumaayyuu gadi hin lakkiftan.

42 Sadarkaawwan sadeen nutikeessa dabarree dhufne fakiin fayyadamee haala kamiin kaa'uu danda'aa!dhiifansaawwan sadeen waaqayyoo karaa Luzar Maartiinii fiPheenxeqosxeen…Maartiin Lutariin,akkasumas, Weesliidhaan fayyadamee fakiinbakka buusuu ni danda'a,sadarkaawwan imalaa sadeen. Sadarkaawwan imalaIsraa'elii sadeen, ergamtoota sadeen Sodoom, wantoota gara garaa kanneen hundafakiin bakka buusuu ni danda'a.

Tajaajila bara kanaas fakiin bakka buusuu ni danda'a. Ergaaayyaanni Biilii Graanaamiis isaaddunyaas'kan Oraal Roober isa akka humna addunyaattii fi akkasumas argamaYesuus Kiristoosi akka mallattoo isa dhumaa addunyaatti fakkiin bakka buusuu nidanda'a. Sodoomoonni mallattoo isa dhumaa argachuuf, waldichi hafuuraa, inniachi keessaa waamamee ture, addunyaan Azaabotaa gubachuun dura mallattooisaanii kan isa dhumaa argatanii turan. Yesuus akkana jedhe, “dhufiinsa ilmanamaatiin wanti walfakkaatu ni raawwatama.”

43 Akkasumas wantoonni gurguddoon kunniin misira keessatti mul'achuuisaanii ni hubanna, hanga ammaattis fedhiin isaanii dhiifansa gaafatanii ergaakanatti amanuu hin turre.

Akkasumas inni sun osoo addunya yeroo ammaa ta'uu baatee, aniaddunyaa hin beeku. Ayyaannii fi humni kennameefi jira, mallattoobarichaa,mallattoo yeroos arganii jiru. Barreeffamni waaqayyoo, harka Isaatiinuumama keessatti, ilaalcha sodaachisaa samii keessatti, kan isaan hin beekne,“balali'oota samii keessaa,” jedhanii kan isaan moggaasan, kana maleeswantoonni akka;saatalaayitii spuutnikii fi wanta jedhanii moggaasan kamiiyyuu,astroonota samii keessa balali'an;mallattoowwan sodaachisan, socho'iinsa lafaa,iddoowwan gara garaa,iyya qaama bishaanii, hojii dhaabuu onnee namaa;soda,dogoggorsayeroo,biyyoota gidduutti wal amanuu dhabuu. Wantoonni inni waadaa nuuf galehundi, barreeffamoota girgiddaa irraa sanneen arginee jirra. Ija uumamaakeenyaan arginee jirra.

Waldaa keessatti fageenya Ayyaannii isaan waamuuf garam akka deemeni

hubanna. Gareewwan Pheenxeqosxeedhaan cuuphaa hafuura qulqulluu deebisaniifiduudhaaf iddoo kamitti humni hiriiraa akka ture ni hubanna, humna. Akkasumashumna olaanaa kan namaa ol ta'een Yesuus Kiristoos gidduu keenya keessatti ofibse, wantoota jalqaba Inni raawwachaa ture raawwate. Wabummaa walfakkaataa.sirriidhumatti!

44 Esraa'eloonni, akkuma mallattoo yeroo ammaa jiru kanatti bahan.Seera ba'uu keessatti wanta Esraa'eloota qunname hubadhaa.

Wanti duraa isaan argan, yeroon harka gahuu isaa guutummatti addabaafachuu, raajichis ergaa qabatee dhufe jiraachuu isaa beekuu dha. Muuseenergaa waaqayyoo qabatee gadi bu'e. sagaleen waaqayyoo muusee wajjiin ture.

Wanti lammataa, eenyummaan muusee adda bahuu qaba ture. Innisutubaa ibbidaatiin eenyummaan isaa beekame. kan waaqayyoon ergame ta'uun isaainni sun gar gar baase. Inni sagalee waaqayyoo qaba ture,caalatti immoowantoota tokko tokko uumee gara biyya lafaatti fiduus isa dandeessisu humnaqaba ture.

Akkasumas kennaan waaqayyoo dhiigaan, akka hafuura qulqulluutti,kan ittiin gar gar bahan, yookaan immoo akka inshuraansiitti, kenneefii dha,caalatti immoo yeroo du'aa kan ittiin ce'anii dha.

Yeroo ammaas wantuma wal fakkaatutu uumame. sagaleen waaqayyoonuuf kennamee jira;utubaan ibbidaa jidduu keenya jira; du'aa ka'uu YesuusKiristoosii nuuf gar gar baasuudhaaf, "Isa kaleessa, har'a fi fuulduras tokkota'e"; akkasumas onneen keenya hafuura qulqulluun cuuphamuu isaa waadaa ta'uuf,jaalala keenya waaqayyoo irra akka keenyu. Ammas seera ba'uun banamee jira.

45 Ba'iinsi Israa'elootaa, akkuma dubbadhetti, ba'iinsa waldaaleetiinkan bakka bu'amuu dha, yookaan immoo Misirroon waldaa keessaa ba'uu kan bakkabu'amuu dha. Misirroonni hambaa ni ta'u, gareenis ni xinnaatu, kan filataman,kan dursa murtaa'anii dha.

Yommuu dubartiin tokko meeshaa tokko sirreessitee hidhuun olkeessu, booda haala ittiin bantu, filannoowwan mataa ishee ni qabdi.Hidhaanyeroo hiikamu garuu wanti achi keessatti hafu meeshuma dura hidhamee dha, garuuhidhaa sana mataa isheetiin waan hiiteef,mataa ofiitiin hiikte.

Waaqayyos waanuma walfakkaatu raawwate. "Akkasumas hambaan sanyiidubartii kan inni biyya lafaa irratti hafee ture." Yeroon ammaa waldaa keessaawaamicha misirrootaati,seera ba'uu dha, olbutamuudhaaf. Waldaa dhugaadhumattibara gidiraa keessa darbe, akkuma isin obboleewwan Pheenxeqosxee lallabdanitti.Sanatti nan amana. waldaan kana keessa darbitee jirti, garuu misirroota miti,Miti jaalatamoo!

46 Dhiyeenyuma kana, waayee kana namni wayii mari'achaa ture, akkanasnaan jedhe, "qulqullaa'uudhaaf waldaan kana keessa darbuu qabdi."

Anis, "Dhugaa dha,sababni isaas dhiigicha waan diddeefi dha," jedheen.

Garuu osoo yeroon gidiraa misirroo qabate, haadha manaa Isaa,baragidiraa keessatti? Miti, kabajamoo! dhiigni Gooftaa Yesuus Kiristoos cubbuuhundaa irraa nu qulqulleesse jira, qulqulleessuun biraa hin barbaachisu.Dhiigni Gooftaa Yesuus Kiristoos fi kennaan sun,qulqullaa'uu isaa kanmirkaneessanii dha. Ameen. Inni sum mallattoo misirrootaati,warra amartiikaawwatan.

47 Tajaajilli Muusse kan Israa'el keessaa, hordoftoonni isaa hundibakkatti kan walitti qabaman waaqeffannaa fi kadhannaaf ture.Yeroo wantoonnikunniin dhufan, akkuma inni waareef qophaa'a ture, isaanis eeguu fi ittifufuutu irraa eegama ture. Kanaafuu waldaan Gooftaa, sirna amantaa hunda fibarsiisa addunyaa keessaa of walitti qabuun. kallatti misiraa hunda keessaagara iddoo isaan bakka tokkotti walitti qabamanitti bahee dhufe.

48 Nuti asitti, Ibroota 10:26 dubbisuu dandeenyee, humna diriiraata'een ilaalle. Akkuma biyya lafaa irratti mallattoo guddaa bara dhumaaarginutti, yeroo dhumaa irra akka jiru kan nu akeekachiisaa jiru kanatti,jireenya keenya keessatti kan goonee caalaa wal jaalachuun nurraa eegama. Garawaldaatti seenuuf beelli akkasii jiraachuu qaba! nuti walitti dhufuuf beelliakkasii jiraachuu qaba! dhimma jaalalaa ta'uutu irraa eegama.

Gara Tuksaan dhaquuf baay'ee tokko jarjaree jira. Oh, haadha manaakoo ishee xinnoo waaqayyo fayyise! isheen qaama garii kooti. achi gahuufbaay'ee jarajaree jira!, yeroo, guyyootaa fi yeroo lakkaa'aa jira, yeroo achigahee ishee wajjiin ta'u.

Waldaanis haala sanaan ta'uu irraa eegama. Humna waaqayyoo, sanaqofa ilaaluun, wanta Inni nuuf raawwate, yeroowwan lakkaa'utu nurra jira,jaalalaan walitti dhufuun, gaafa tokko Yesuusiin arguuf balali'uu akkadandeenyu beekuun.

49 Dhiyeenyuma kana namni wayii akkana jedhe, “ObboleessooBiraanhaam, 'Dhufiinsi Gooftaa baay'ee dhiyaatee jira!,jechuun ummatasodaachisaa jirta.”

Anis, “Waay'ee dhimma sanaa cinqamuu hin qaban. wantoota beeknuhunda keessaa wanta baay'ee gammachiisuu ta'uu qaba.” eeyyee.

“Mul'achuu Isaa warra jaalatan hundaaf, yeroo lammaffaaf konkumaamul'achuu hin danda'u,” warra sana jaalatanii fi barbaadaniif. Inni kun dhimmajaalalaati. Qaama tokko keessatti sababa lammiiwwan taaneef,jaalala waliiqabaachuu qabna! jaalala waliif qabaachuun nurraa eegama.

50 Dhumuu yeroo, nu akeekkachiisaa jira!waaqeffattoonni wantootaaddunyaa, abaarsa addunyaa iraa of gar gar baasuu qabu. sababa sanaas kan anidubartoota irratti hammaadhuuf, kanaan ani qabu. Kanaafuu, sagantaalee Tvkanneen irraa of ittisaa! wangeela Hoolywoody irraa of ittisaa! gara dhugaa fionnee keessaniitti deebi'aa! gara waltajjii dhufnee,olii fi gadi ni u'utaalaa,kolfaa tataphachaa haaluma sanaan itti fuufna. Dubartoonni uffata qaama isaaniimul'isu kaawwatani,callee gara garaas kaawwatanii, gariin isaanii immoo qalamagara garaa dibatanii lafa ni dhiitu. Kana malees paastarii bareetee fi jechoota haala gaariidhaan walitti fidee barsiisu niqabu . Akkasi ta'uu hin qabu. Garaaarsaa waaqayyootti kolfaa, taphachaa fi akkuma barbaanne taanee dhufuu hinqabaannu. yeroo gara aarsaa waaqayyootti dhufnu ,bakka itti du'aa jirruu waanta'eef amala gaari fi onnee gaariidhaan ta'uu qaba. sirriitti kan xiinxaltan yoo ta'e,kolfaa fi akka feetan ta'aa hin deemtan. Kan akkas raawwatu nama onneen isaatuqamee dha.

51 Torbeewwan muraasa dura, sagantaa tokko daawwachaa ture, sagantaaobboleessi Keenya Biili Girahaam qopheessee fi kan namoonnii baay'een ittihirmaatan keessatti anis hirmaadhee ture, yeroo inni sochii jijjiramaa isaguddaa adeemsisetti, yookaan sochii jijjirama kan Kaalifoorniyaa keessattiadeemsise irratti hirmaadhee ture. warra gara aarsaa waaqayyootti dhufan hundaisaanii fuula isaanii keessa hubachaa ture. Daa'imman wal wajjiin waldhaansoobu'aa fi wal lolaa gara,kokkolfaa olii gadi daddabaa, amala badaan, maastikaaalanshaa gara aarsaa waaqayyootti ni deemuu. Qajeelumatti gara keessattiseenuun, “eeyyee,” jedhaa cubbuu isaanii himuun deebi'anii ni ba'u. Biiliinwaggaa tokko keessatti kan akka isaanii kuma soddoma akka qabaachuu danda'uhime, garuu soddoma iyyuu argachuu hin dandeenye. Amanamummaan gonkuma hinjiru. Jiraachuus hin danda'u.

Namoonni cubbuu ofii ba'uuf qophii miti. Yeroo kadhachuubarbaadan, “Waaqayyoo, na fayyisi,kana godhi yookaan sana godhi,” jedhu. Garuuyeroo du'aa fi cubbuu isaan himataniiwaaqayyoo wajjiin araaramu yaadni jedhu sirimaayyuu hin mul'atu. Sababumakanaaf fayyisummaa qabnu caalaa kan biraa arguu dhabneef. Sababa kanaaf aniswaayee dhimma kanaa kan lallabuuf.Tajaajilafayyisummaadhaaf wantoota kanneenmee haa qopheessinu. Dhimmoota dursa raawwatamuu qaban beektanii jirtu. Waaqayyoo ulfina Isaatiif isin fayyisa. Nutis immoo ulfina Isaatiif qophaa'uuqabna.

52 Amma inni sun wanta misira irraa eegamuu ture. Yaadadhaa, hoolichaguyyoota kudha afuriif qorachuuf yaalaa turan. Misira…Inni akkana jedhe, “Kanxuraayee hunda mana keessan keessaa baasa, kan dhiifamuu qanan hunda gataa.”

Xurii qabaachuu dhabuu hin dandeessan.Yommuu mallattoon,hafuurriqulqulluun kun gara mana keessanii seenu, Isa keessatti xurii qabaachuu hindandeessan. Inni kun kan addunyaati. waaqayyoo, mallaqaa fi addunyaa yerootokkotti amanuu;abaarsa addunyaa hundaa,abaarsa hundaa fi sirna amantaa fijeequmsa keessan, akkasumas garaagarummaa keessan. Gara Yesuus Kiristoosittidhufaa jirtu!

53 Bara kakuu moofaa keessatti Ahudaan kennaa dhiyeessuuf hoolaa qabatee yeroo dhufuu yaaddanii?Jahaawweef ajajamaa ture, wanta Inni raawwadhu jedhee ajaje. Inni sun ittifufe. Innis Kennaa dhiyaate ni fudhate.Hoolichi yommuu du'us ni arge. Harkiisaas dhiiga hoolicha du'uutiin makamee ture. Qulqullaa'ees gara mana isaattideebi'e, sababni isaas dhugaadhaan waan dhufeef. Gaariis ture.

Garuu yeroo muraasa booda,gara aadaatti jijjirame. Namtichaanisakkana jedhe, “Beektaa, inni kun yeroo ayyaanaati, osoo deemnee kana raawwanne wayya,hoolaas kennaadhaaf dhiyeessuun narraa eegama.” Yeroo nama kennaadhiyeessitanii

qabaattanitti,gara bakka hoolaa itti bituu dandeessanitti jijjirameejira. Sirna baratames ni ta'e. waldaa keessattis wanta hin sochoone ta'e.waaqayyos kennaawwan Isaaf dhiyeeffaman hundi, sababa onnee gaariidhaandhiyeeffamuu dhabaniif funyaan Isaairratti foolii badaa natti fidan jedhe.

54 Nutis warri Pheenxeqosxee gara sadarkaa sanaatti ce'aa jirra. Kuniimmoo dhugaa dha. Hanga dhugaan nu keessaa bahutti gadi dhufnee jirra.Waldaaleekeenya keessatti akkuma warri biroo raawwatanitti, namootaan guutuu barbaanna.Akkas gochuu hin qabaannu.

Hanga dhiignii gooftaa yesuus kiristoosii fi hafuurrii qulqulluunnu irratti ba'uu danda'uttii gara dhugummaatti fi hamma dandeenyeen ofajjeesuun nu irraa eegama. Namoota addaas nu taasisuu ni danda'a. Dubartiintokka asii kaatee garas deemuu ni dandeessi, sagaleen tokko tokkoo isheenajajamuuf feetu hundi macaafa sana keessaa jira,hammamiiyyuu wanti biraaraawwatamus. Warri dhiiraas akkasuma;gareewwan amantaas, sirna amantaas yookiinimmoo wanti kamiiyyuus,isa bakka aarsaa waaqayyoo irratti argee irraa kan isaadda baasuu danda'u tokkos hin jiru, karaa gooftaadhaan hordofuu kan itti fufuyoo ta'e. Garuu yeroo ammaa amanamummaa akkasiii waan hin qabneef akka aadaattifudhannee jirra, "abboonni keenya kana raawwatan," jechaa.

55 Akkuma guyyaa galata galchuutti. Namoonni baay'een kuma kurneekankumaatamaan baay'ifaman, Ameerikaanonni baay'een guyyaa ayyaana galatagalchuutti foon gogorrii teessoo isaanii irratti guutanii ni sooratu, garuukonkuuma eebba isaaniif kenname wajjiin kan wal madaaluu miti,galanni isaangalchan. Sana qabaachuu osso baatanii isa kana qabaachuu hin danda'an ture.Tessoma foon gogorrii jiru irratti Wiiskii fi gosa biiraa gara garaa nikaa'uu. Akka aadaatti fudhatamee jira.

"Inni sun kan namagammachiisuu dha. Sirimaayyuu aadaa Ameerikaanotaati miti." jedha.

Qajeelumatti jilba keessan irratti isiniif deebisa. Gara aarsaattidhufanii ija gogaan dhugaa baasuun dirqamatti aadaa dha. Akkuma du'uu keessangar gar baastanitti, kennaa isiniif dhiyaateef du'uun dirqama keessan.Ameen.Kiristoos keessatti awwaalamuun, addunyaan isiniin duubatti du'eejira.Akkasumas jireenya haarawaan Yesuus kiristoos wajjiin, du'aa ka'uu Isaatiin,Sagalee Isaa Jaalachuun, sagalee Isaa fudhachuun, sagalee Isaa wajjiin yommuuwal simutu daawwachuudhaan, du'aa gara jireenyaatti Isin deebisuu qayyabachuun.Bara akkamiiti keessa jiraataa jirraa! Eeyyee, kabajamoota.

56 Amma, sa'aa dhumaa keessa akka jiraataa jirru ni hubanna,amantoonni dirqamatti sagalee waaqayyoo hundaa fudhachuu qabu.

Hubadhaa, dhimma walitti dhufanii waay'ee isaa dubbachuu qofa hinturre, kan warri Ahudaawalitti dhufanii, "amma, hiriyyoottan, maalummaa isaaisinittan hima. Beektuu, Muuseen sirrii ta'uu Isaatti nan amana, sababni isaas,ilaalaa, Muusee wajjiin waaqayyoo of ibsuu Isaa ni hubanna. sababni isaas,utubaa ibiddaa sana ni argina, wanta raawwatame ni beekna. Ibsaawwan waaqayyoomuusees kenneef hunda ni beekna. Dhugaa dha. Beektuu, inni, "Hundi keenyabalbala keenya irratti dhiiga dibuu qabna," jedhe. Ani sanatti nan amana.Garuu, beektuu, hanga nama kamiiyyuutti gaarummaa ni qaba jedhe amana.Ani-Ani-Ani-Ani dhugaadhumatti Ahudaa waadaa qabuu dha. Dhaqna qabamee jira, kennaafi kurnee koos waldaadhaaf dhiyeesse jira. Maaliif, qeesicha wajjiinis irbaatasooradhee jira. Gaariidha, akkuma hunda keessaniiyyuu ani nama gaariidha." Innikun wanta raawwatamee miti.

57 Yeroo baay'ee kan walitti dhufnu waayee ergaalee haasawuuf miti.Gara ergaaleetti seenuuf walitti dhufuu qabna. Ergichi immoo Kiristoosii dha,Inni sagalee dha. Kun dhugaa dha. Gara keessa isaatti, gara jala isaatti seenuuqabna. Eeyyee, kabajamoo, Inni sun wanta nurraa eegamuu dha.

Namoota kamii iyyuu kan dhiiga jalaa bahan hundaaf, nama tokkoofillee, eenyummaan isaa kamiiyyuus ta'u, Inni itti gaafatamaa hin turre. Namnihundinuu, mafia ofii qofa osoo hin ta'in maatii isaas qabachuu qaba. Yommuumallattoon mul'atu qofa fayyuu danda'an.

Mallattoon kun hanga mul'atutti nagaa ta'uu hin dandeenyu. Sundhugaa dha. Mallattoo kana jalatti dirqamatti dhufuu qabdan, gara hafuuraqulqulluu waaqayyootti. Innis Yesuus Kiristoosiin isiniif mul'isa, sababniisaas dhufee isin keessa waan jiraatuuf.

58 Akkuma kaleessa galgala New yoorkitti, waldaa ergaa tokkokeessatti jedhetti. Sheekispeer na keessa jiraa jedhee osoo isinitti himee,hojiwwaan isaa anis ni raawwadha. sababni isaas, dandamachuu hin danda'u, animataa kooti miti, ani du'ee jira. Ani fi sheekispeer asitti wajjiin jiraachuuhin dandeenyu. Sheekispeer barreessa ture, ani immoo tajaajilaa dha, wajjiinjiraachuu hin dandeenyu. Garuu ani mataa kook an ajjeesse yoo ta'e fisheekispeer immoo kan ana keessa jiraatu ta'e, hojiiwwan isaa ni dalaga.Jireenyi ani keessa jiru akkuma jireenya sheekispeerii ta'a. JireenyiBiitoovanii na keessa yoo jiraate, ani Biitoovaniin ta'a. Jireenyii QulqulluuDilingar na keessa osoo jiraate, anis Qulqulluu Dilingariin ta'a. Sun dhugaadha.

59 Akkasumas jireenyi gooftaa Yesuus Kirsitoos nama tokko keessa yoojiraate, isaanis akkuma isaa ni ta'u. Kiristoos isin keessa jiraatuu dha.Miseensa waldaas miti, adeemsa waldaas miti, garuu humna du'aa ka'ee dha.Hafuura qulqulluu dha, mallattoo isin irra jiruu dha kan jireenyi keessansagalee waaqayyoo hundaaf, “ameen,” jedhu. Waadaan achi keessatti barreeffameejira.

Akkasumas sana booda isin mataa keessanii miti. Isin kanKiristoosiiti. yaada mataa keessanii hin yaaddan. yaada mataa keessanii kanyaaddan osoo hin ta'in, “akka ani yaadutti,” jettu. Yaada mataa keessanii hinqabdan. Jireenyi Kiristoos keessa ture isin keessa jira, Kiristoos mataan isaasisin keessa jiraata. Duutanii jirtu;jireenyi keessanm kiristoosiin waaqayyookeessatti dhokatee jira, hafaara qulqulluudhaan achittti chaappeessamee jira.Isin kan mataa keessanii miti.

60 Inni eenyyuufillee itti gaafatamaa hin turre. Maatiin hundi dhufuuqabuu, mallattoonis mul'achuun dirqama. Akkas ta'uu qaba ture. mallattoon osoomul'achuu baatee, sana booda faayidaa dhabeessa ta'e ture. Itti amantaniisakkana ni jettu ture, “Oh, eeyyee, itti nan amana.” garuu inni sun hindalagu.Inni sun, isin, “haata'uu, wanta raawwadhu sittan himaa. Baaldii keessakaa'ee, girgiddaa kana irra nan kaa'a. Garuu dhugaadhumatti, akka ani yaadutti,hanga harka koo irratti isa qabadhetti, dhiigicha asitti ergaq qabaadhetti.”Akkasi miti, jaalatamtoota.

Waay'ee isaa ilma icciitii ta'uu hin dandeessan. Miti,kabajamtoota. Isa qabachuun isin irraa eegama.bakka mul'isaa jedhamettimul'isuu qabdan. Kaayyoon balbala irratti dibuus akka inni suuphaa fi balabalaafuuttii arguu danda'uufi ture. Wanta wayii kan isin itti hin saalfannee dha.Addunyaan martii isin akka duutanii fi jireenyi keessan immoo karaakiristoosiitiin waaqayyo keessatti akka dhokate akka beekan ni barbaaddu.

61 Waay'ee guyyaa galata galchuu yommuu dubbannu,isinittan hima,guutummatti aadaa miti. Yeroo ammaa aadaawwan heddu ni qabna. Bara kana wantinu barbaachisu wanta nu haaromsuu,waldaa keessatti hafuura qulqulluuncuuphamuu;ayyaaneffachuu osoo hin ta'in guutamuu dha. Sana booda,inni sunayyaaneffannaa guyyaa galata galchuu keenya, jennee waamuu ni dandeenya.Hafuurri qulqulluun gara jireenya keenya kan itti dhufu ta'uu qabaata. Foongogorrii haaluma abboonni keenya sooratаа turanitti yoo soorachuu yoodandeenye, haaluma isaan hafuura qulqulluu fudhatanitti nitis ni fudhanna.Ameen. Aadaa osoo hin ta'in, ajaja waaqayyoo irraa dhufee dha. Fudhachuundirqama keenya.

62 Iyyaasuu ilaalaa, Iyyaasuu, boqonnaa lamaffaa dubbisaa. As irrattiisiniif barreessuu qaba, “dubbisaa.” Yeroo hin arganne. Garuu yeroo Muusee fiIyyaasuun lafa gammoojjii keessaan seera ba'uuf qaxxaamuraa turanitti,tajaajiltoota muraasa ergaa turan, basaastota, dhaqanii waay'ee biyya lafaaakka qoratan taasisuu isaani akka beektan ni barbaada. Yaadadhaa, Azaabonnigara qarqara lagaa kaaniin maqaa Raahaabiin ni jiru ture. Isheen ijjituu turte.Daa'imti hiyyeessi tokko kara deemtuu ture, akka tasaa maatii isheetiinari'amee ta'a. Garuu akka hubannutti yeroo…isheen namoota kanneen argiteeergamtoota waaqayyoo ta'uu isaanii beekte. Ijjituu waan turteef, dhiifansiisheef godhamu yoo jireete jettee beekuu barbaadde.

Waaqayyoo dhiifansa kan kennu warra dhiifama gaafataniifi dha.Isaan dhiifama gaafatan hundi ni dhiifama ni godhamaafi.

63 Ijjituu tana hubadhaa, “gaarummaa nan agarsiisa,” jette. Ilaalaa,Iyaasuu arguu hin qabaatu. mataa isaa akka filatee fi uffata akkamiis akka uffate hin beektu.“Waaqayyoo si wajjiin jiraachuu Isaa dhagahee jira,” jetteen. wanti isheenbeekuu barbaadde sana.

Isinittan hima, har'a obboleewwan, haala akkamiin mataa keessanakka filattan yookaan maal akka raawwatanii miti, yookaan immoo uffata gosaakkamii uffachuu keessanii fi PH.D. qabaachuu keessanis miti. “Waaqayyoo jidduukeessan jiraachuu Isaa

dhagahee jira," kun dhimma ijoo dha. Jidduu kanajiraachuu waaqayyoo beekuu barbaanna.

64 Dhaabbilee hubadhaa. garam deemaa akka jiran ilaalaa. Waaqayyoodhaabbilee kanneen jidduu jiraa? akkas yoo ta'e, Inni qajeelumatti garaKaawonsilii waldaalee fi duubatti gara mallattoo bineensichaatti isaanadeemsisaa jira. Waaqayyoo achi keessa hin jiru.

Waaqayyoo sagalee Isaa keessa jira, Innummaan sagalee waan ta'eef.Sun immoo sirrii dha. "Dhaga'ee jira." amantaan immoo kaawonsilii dhagahuunosoo hin taane, sagalee dhageeffachuun dhufa. Sagalee waaqayyoo dhageeffachuun!

Isaan kana ni argan, ni beekanis. Isheenis dhugaa ta'uu isaa nibeekte. Dhiifansa ni gaafatte, hubadhaa, ishee fi maatii isheetiif walittiqabdee gaafatte. Ishee fi maatii isheetiif gaafatte,akkuma isaan misirakeessatti raawwatanitti.

65 Hubadhaa, mallattoon, mallattoo bifa diimaa kennameefi ture.Sibaagoon diimaan namootatti,basaasotatti gama fooddaatiin agarsiifte sunmallattoo akka ta'uuf ture. Waaqayyoo hin, barbadeessaan qulqulluun…hangamallattoo sana qabaatetti, ergamaa barbadeessaan waaqayyoo gara isheedhiyaachuu hin dhufu. Garuu, "Oh, akka aaran nan taasise. wanta gaariiraawwadhe. Kanaafuu amma, namoonni hundinuu haadni diimaan kun diida kanattifannifamee yeroo argan ana irratti akka hin kaaneef, haadicha gadi haaharkisuu"? osoo jettee, sana booda…qulqulluun firdii mana ishee jalaan gonkumaahin darbu ture. Mallatticha mul'isuun dirqamatti ishee irraa eegama ture.Bakkuma sanatti taa'uu qaba ture.

Haaleluyaa! Oh, kana jechuun, yeroo kana keessatti, "Waaqayyokeenya haa ulfaatu," jechuu dha.Isa kana yaadadhaa. Iddoo kana kan jiruujireenya bareedaafi miti. Jireenya bareedaafis miti asitti kan lallabu. Miti,kabajamtoota.Sanaaf hojii braa hojjachuu ni danda'a. Dhimma sanaaf miti isakana kan hojjadhu. Isa kanaan alatti tooftaan biraa ni jira jedhee yaadee osoojiraadhee…yaadadhaa,inni kun Ana,waaqayyoon dura arguun narraa eegama. Kunlubbuu kooti. Ana ta'uu qabaadha. Ana qofaa mitii, namootni baay'een nabalaaleffatu ture. Sagaleen waaqayyoo Isuma waaqayyoo dha. Kunis kaayyoowaaqayyooti kan ta'e, kun immoo dhugaa dha.

Maraan sibaagichaa diriiruutu irraa eegama jedhee yaada, yookaanimmoo qulqullaa'oon, ergamaa barbadeessaan, eenyuniiyyuu hin deeggaru ture osoomallattichi sun mul'ifamuu baatee.Ergamtoonni ergaa itti himanii jiran, isheenimmoo ergicha sana guutuun dirqama ture.

66 Hubadhaa, Jeeriikoon wanta waaqayyo raawwate dhagahee ture, garuuakeekkachisa sana fudhachuuf wanta godhe tokkos hin jiru ture.

Addunyaan yeroo ammaa,dhimma bakka wayiitti itti cufamee taa'uumiti, wantoonni kunnin raawwatamaa jiraachuu isaanii addunyaan martinuu nibeeka. Addunyaa guutuun beekee jira. Warri Episoopaliyaa, Kaatolikaa,Lutaraanotaa fi gareewwan amantaa hundi bara kana keessatti waadhii sagaleeIsaa keessatti hojjaachaa jiru akka jiru ni beeku, akkasumas mallattoo fidinqii Isaas adeemsisaa akka jirus ni beeku. Dhimma bakka tokkotti itti cufameetaa'aa jiruu miti.Dhagahanii jiruu, garuu fudhachuu hin barbaadan. Dhagahaniijiru.

Humni guddaan Isaatii fi mallattoowwan Isaa raawwatamanii jiru,mul'atanii jiru garuu isaan fudhachuu hin barbaanne. Bara sodoomiitiin kan walfakkaatuu dha, mallattoo fi dinqiin guddaan Isaa bara sanatti raawwatamee ture,garuu isaan fudhachuu hin barbaanne ture. Kanaafuu, wanti itti aanuu,firdiikennuu malee wanti hafee tokkos hin jiru ture. Fayyuudhaaf, sagalee waaqayyooguutummatti amanuun dirqama isaaniiti. Garuu isaan akka tasaa, dhaabbileegurguddoo Jeerikoo,magaalaa isaanii kan taatetti fayyinee jira jedhanii yaadaaturan. Inni sun gahaa dha jedhanii yaadaa turan, garuu gahaa hin turre.

Garuu ijjituun xiqqoon takka. Ijoolleen Teeppi taphachiisanmuraasni achitti argamani teephicha taphachuun dirqama ture. Sanyiin dursamurtoofte dhageeffatte, ittis ni amante. Kanaafuu, akkuma ta'es ta'u,ergaadhaaf achitti argaman. Waaredhuma sana mana ishee keessatti waldaa nigaggeessan. mana jireenya ishees waldaadhaaf, ergaachi dhageeffachuuf ittifayyadamte.

67 Yaa, Waaqayyo, mee onnee keenya bannee, waaree kana , ergaa Yesuusni jira jedhu haa fudhannu. Inni kaleessa, har'aa fi of afoos tokkuma. Manakeessan banaatii,

ergamaan, hafuurri qulqulluun seenee, jireenya Isaatiin isinhaa beeku, mallattoon inni isin irra jiruun. Sana booda waay'ee dhimma kanaayaada nama kamiiyyuu fudhachuu hin qabdan, Inni mataan Isaa isinitti haasawuufwaan jiruuf. Inni immoo sagalee dha. Sun dhugaa dha. kun mallattoo waaqayyooti,eenyummaa Isaa kan ittiin ibsu.

Mana ishee ergamtootaaf itti fayyadamte.sana booda, mallattoodhumakana jalatti namoota amanam magaalaa guutuu argatte.

Inni sun immoo waldaaleen bara kanaa haala itti dalaguu qabaniidha,mallattoo kanatti isaan amanuu danda'an hunda qabaachuun. Mallattichi hafuuraqulqulluu dha. Yaadadhaa,dirqamatti hafuura qulqulluu jala ta'uu qabu.

68 Akkasumasyeroowaaqayyooqulqullaa'ota Isaabarbadeessetti...,qulqulluun barbadeessaan ni dhufe,yommuus mallatticha hafuuraqulqulluu arganitti, manni ishee ni dhaabbatte. Warri Jeerikoo hafan hundikufanii turan. Garuu yommuu malaakanni afuufamutti, mee yaadaa, girgiddaanhindi ni kufe. Isaanis qajeelumatti ni deeman, wantoota achi keessa turanhundaas ni wareegan, garuu warri mallattoo sana jala turan hundi fayyaniituran. Maaliif? ergamaan waaqayyoo dhufee waan jiruufi dha. Ergamtoonni kundhugaa isaanitti himanii waan jiraniif, isaanis gara mallatticha jalatti niseenan. Eeyyee, kabajamoo. Garuu baay'een isaanii itti amanuu hin barbaanneture. Kanaafuu, itti amanuu hin barbaadan yoo ta'e, haala jiru fudhachuun isaanirraa eegama ture.

Jireenyi mallattoo isa Misira keessa tureen tokkuma, ilaalaa,jireenya, jireenya mallattoo Misira durii keessa tureen tokuma.

69 Yommuu isaan sibaagoo marame diriirsan, inni sun mallattoo ture.Bara Azaab sana keessatti, dhiigni isaaniif jige hin turre, kanaafuu bifadiimaa akka mallattoottikennaaturan.Kanaafuu,yommuumallattichaarganitti;Iyyaasuun,gosaYesuusii kan ta'e,mallattoo ergamtoonni isaa barsiisanii fi hafuuraaf amanamaature, yeroo Iyyaasuun namni tokkollee gara mana mallattoon irratti dibamesanatti akka hin deemne akeekachiise(Miti, kabajamoo), mallattoon sun osoojiruu namni tokkollee ajjeefamuu hin qabu ture. Akkasumas dhugaadhumattiIyyaasuu, “Jahaawwee fayyisaa,” jedhuu dha, akkuma Yesuus raawwatetti.Akkasumas yommuu ergamtoota isaa ergetti, Iyyaasuun, gosa biraa addunyaa azaabotaakan ta'e fi Azaabonni warri garee xinnoo ta'ani isatti amananii fi mallattichamul'isan, qulqullaa'oon barbadeessitoonni iyyuu mallattoo sanatti amananiituran. Ilaaltanii?

Bara kanattis kan Inni beekuu danda'u isasana qofa.

70 Inni gonkumaa iyyuu bulchaa biyyatti sanaa beekuu hin dandeenye.Miti. Inni gonkumaa, bulchaa olaanaa, gootota waraanaa, namoota gurguddaa addabaafachuu yookaan beekuu hin dandeenye. Gonkumaa isaan beeknee. Inni bakkamallatoon mul'atu qofa beekee. Baay'een isaan itti amananii ta'uu ni danda'a.baay'een isaanis fudhatamuuf akka ta'e itti amananii ta'uu ni danda'a, garuuinni sun qofti isa ittisuu hin dandeenye. mallattoon dirqamatti mul'achuu qabature. Eyyee, kabajamtoota. Sana qofa. Isaan isa jala turan hundi, misirakeessatti fayyanii jiru. Yeroodhuma walfakaatuttis, isaan isa jala jiran hundi,Jeerikootti ni fayyan.

71 Waaree kana dhiigni hoolichaa mallattoo keenya. Ibroota 13:10 fi20 keeessatti, “kakuu bara baraa,” jedhame moggafame, dubbisuu kan barbaaddan yoota'e. Kakuun waaqayyoo kan dhiiga irratti hunda'e cubbuu fi fedhii foonii irraabilisa nu baasee jira. Inni kakuu bara baraati, Isa waaqeffachuuni fimallattoolee waadaa Isaa mul'isuun. Kakuun haarofti dhiiga Isaa keessatti waadahaaraa dha. Macaafni qulqulluun akkas jedha. Kakuu haarawa jechuun, “waadaahaarawa,” jechuu dha. Jireenya dhiigaa, mallattoo jireenya haarawaa nu keessajiru. Bakka dhiigni durii mallattoo hoolichi du'uu isaatiif keemistrii salphaamul'isuuf dhaabbatetti, hafuurri qulqulluun jireenya GooftaaYesuus Kiristooskeessa ture sun, waare kana anaa fi isin keessatti mul'ataa jira. Isaan alatti,dhiifansi hin jiru. “Yomuu dhigicha argu qofa,isin irra nan darba.”

72 waan tokkos osoo itti hin fayyadamin yeroon dhumachuu isaa garasammuu keessanii seensisuuf dhiibbaa gochaa jira, hiriyyoottan. Dirqamatti waantokko raawachuu qabna. Inni kun dhimma seenuu yookaan bahuu ti. Kanuma.Yerooniddoo mallattoon jirutti gahee jira. Kun yoomiiyyuu…hammi kun hangayesuus dhufutti lubbuun jiraachuun kan irraa eegamu yoo ta'e, mallattoondirqamatti jiraachuu qaba. Kanuma. Duuni yoo hin taane, mallattoo dhiigicha nifudhata. Dhiyoottis, amma irraa eegalee waldaa keessa jiraacha, maashiniiguddaa waldaalee walitti fiduuf qophaa'e dha.

Kanaafuu, mallatticha ifaa qabaachuu isiniif wayya. Garuu yeroonseera ba'uu dhiyaatee jira. yeroo kanattis nuti gara lafa waadaatti deemaajirra, gara kakuu jireenya bara baraa. Mallattoon kun kan agarsiisu Inni Yesuuskiristoos…Hafuurrii qulqulluun kan garsiisu Yesuus wantoota barbaachisan,uumama keenyaan, ijoolleen waaqayyoo kufan hundaaf wantoota barbaachisan hundaanuuf guutuu Isaati. Nuti mataa keenyaan gonkumaa humna hin qabnu. Lubbuus mataa keenyaan hin qabnu.Nuti Addaam irraa gosa namoota kufnee dha. Garuu yommuu mallatticha kan nutisagalichi tokko ta'uu keenya agarsiifnutti, yesuus Kiristoos cubbuu fi du'akeenyaaf wantoota barbaachisan hunda nuuf guutuu Isaa kan agarsiisuu fi hafuuraqulqulluu Isaas nu keessatti mul'isuu danda'uu isaati. Oh, hammam salphaattikan ta'uu dha!Balaaleffatamtanii jirtu. Nuti hundi keenya balaaleffatamneeturre. Karaan nuti mata keenyaan of fayyifnu tokkos hin jiru, waaqayyoo immoohafuura qulqulluu nuuf ergee jira. Ilma Isaa nuuf jecha Qaraaniyootti wareege.Jireenyi dhiiga sana keessa ture, yommuu Qaraaniyoo irratti jigu, nu irrattihafuura qulqulluu ta'uuf deebi'ee dhufee jira.

73 Waaqayyo isa bara baraati, hafuura jireenya bara baraati, Innijireenya bara baraati waaqayyoo bara baraatiin. Wanti jalqaba qabu kamiiyyuuimmoo dhuma ni qaba, kanaafuu waaqayyoon laddatti, wanti kamii iyyuu jalqaba niqaba. Kan jireenya bara baraa kan qabuu yoo jiraate immoo waaqayyoo qofaa dha.Waaqayyoo hafuura qulqulluu Isaa kan innummaan waaqayyo ta'e, isin keessa yookaa'e fi waaqayyoo mataa ofii isin keessa yoo kaa'e, isinis akkuma waaqayyoojireenya bara baraa warra qabdanii dha. sababa qooda qaama Isaa waan taataniif,sababa ijoollee waaqayyoo taataniif sagalee Isaa mul'isaa jirtu.Haaleluuyya!waaqeffattumman natti dhagahame. Sun dhugaa dha. waaqayyoo mataanIsaa isa kana adda baasee jira. Isa waaqayyo Isin keessa jiruun, jireenya baraaargattanii jirtu. Sagaleen kun immo waaqayyoo mataa Isaati. sagaleen kun immooof ni haaromsas, ni jiraatas. sirriidhumatti wanta waaqayyo bara kanaafmuude. isin ni qabdu, Ameen, hafuura qulqulluu mul'atu sana ni qabdu. Eeyyee, kabajamoo, Maal inni? hafuurri qulqulluun, sagaleen waaqayyoo hafuuraqulqulluudhaan isiniif ifaa ture, icciitii bara kanaa isiiniif ibsuuf, isindu'aa gara jireenyaa darbuu keessan isinii mirkaneessuf.

74 Amma immoo isin kan Isaati. Oh, sababa kan Isaa taaneef, wantootaInni nuuf bite hunda irratti mirga ni qabna. Waadaaleen macaafa qulqulluu hundiisaanii kan keessan. Kan keessan, yommuu hafuurri qulqulluun kun isin irra bu'ufi waaqayyo isin raggaasisetti. Amma yeroo muraasaaf of qorachuu qabna. Yommuuwaaqayyoo cuuphamuu hafuura qulqulluu isa dhugaa isiniif kennu, jireenyiGooftaa Yesuus Kiristoos isin keessa jira jechuu dha. Kun dhugaa dha, warriTiyoologii hundi immoo kun dhugaa ta'uu isaa amanuu qabu. Eeyyee, kabajamtoota,kun deebi'anii dhalachuu dha. Isin hafuura qulqulluudhaan, deebitaniidhalattanii jirtu. Sababa waaqayyoo isa kana raawwateeni fi isin immoo dhuunfaakeessaniin wanti gochuu dandeessan hin jirre beektanii fi wanta waaqayyooraawwate ofitti fudhattaniif, Inni immoo hafuura qulqulluu Isaatiin gara mootummaa Isaatti isin seensisa.Akkasumas wantoonni macaafa qulqulluu keessatti waadaa seenamanii fi bitamanhundi kan keessan. Itti waan kafalameef qabeenya keessan. Ameen. Jireenyi kankooti; Inni itti naaf kafalee jira. Jireenyi kan keessan, Inni itti isiniifkafalee jira. Fayyummaan kan kooti; Inni waan itti kafalee. Bilisummaan kankooti; Inni waan itti kafaleef. samiin kan kooti; Inni waan itti kafaleef. Innigatii itti kafalee jira. Wantoonni hundi Inni dhiiga Isaatiin gonfate kan warrahafuura qulqulluu qabanii ti. Ameen. "Hafuura qulqulluu koo dabarsaa," konkolaataakaraa irraa kanneenitti, "gaafa murtii sanattis, anis isin irran ni darba."Ameen. Keessa Isaa qabachuun! dhugaa bahuu keessan sagalee Isaa keessattigochuun, isa Yesuu kiristoos dhimma keessaniif jecha du'uu Isaa. Yommuus sanaraawwatu, Innis isin keessaan of mul'isa. Ameen. Eeyyee. yommuu isinmallatticha adda baafattan, jireenyi inni dhiigaaf fudhte sun ni dubbata!

75 Isin immoo, "dhiigni ni dubbataa?, mee xinnoo ishee, obboleessooBiraanhaam!" ni jettu. Dhiigni ni dubbata. Macaafni qulqulluun akka dubbata nihima. Gaarii dha.

Dhiigni ni dubbata. yaadadhaa, dhigni kakuu mallattoon alattibeekamuu hin danda'u. Amma sagaleen waaqayyoo waadaalee nuuf galaman nuufmirkaneessee jira. Mallattoon kun kafaltiin nuuf kafalamuu isaa kan garsiisuudha, waaqayyoo immoo isa kana beekee jira.

Yommuu deemtanii, "gara magaalaa New Yoorkiitti imaluu barbaada,"jettanii himtan. Isaan maal godhu? Tikkeetti isinif kennu. Inni kun maalii?mallattoo dha. Qarshii

miti. mallattoo dha, garuu isa kana bituudhaaf, qarshiigaafata.

76 Amma, yommuu jireenya bara baraa barbaaddan, mallattichi nifudhattu, gatiin kafalamuu isaa kan agarsiisu. kun dhiigaa miti, garuumallattoo dhiigichaati. innummaan jireenya. Ameen. sagalee waaqayyootiif guutumatti,sagalee waaqayyoo akkuma jirutti ajajamuu hafuura qulqulluu Isaa akka argattanisin dandeessisa.

Isa kana haala kamiin raawwattuu? Ayyaan guyyaa shantamaffaaPheenxeqosxeetti, Pheexiroos akkana jedehe, "Hundi keessan yaada garaa keessaniigeeddaradhaa, cubbuun keessan akka sisiniif dhiifamuuf, tokkoon tokkoo keessanmaqaa Gooftaa Yesuus kiristoosiin cuuphamaa, kennaa hafuura qulqulluus nifudhattu, mallatticha. Waadaanis isinii fi ijoollee keessaniif waan ta'eef,isaan baay'ee fagaatanii jiraniif, akka gooftaan keenya haala saniin waameen.Abdiin waaqayyo abdachiise isinii fi ijoollee keessaniif,warra fagaataniijiraatanii, waaqayyoo keenya gooftichi itti waamuu hundumaafis."

77 Yommuu gocha dinqii humna olaanaa du'aa ka'uu sana arganitti,inni(pheexiroos) ol ka'ee caafata Iyyoo'el dubbiseef, isa abdi bara sanaafkennu, akkasumas wantoonni bara sanaaf barbaachisanis Yesuus Kiristoosiinguutamuu isaanis ni mul'ise, kana malees abdiii du'a Isaas deebisee ergee jirajedhe. Abdiin sunis isaaniif ture. Akkanas jedhe, "Abdiin kan keessanii fi kanijoollee keessaniiti, kan warra fagaatanii jiraataniiti, waaqayyoo keenyagooftichi itti waamamu hundumaafis, abdi kana qabaachuu qabu."Ameen. Akkatasaa, "fudhachuu ni danda'u," miti, dhugaadhumatti, " Ni fudhatu! hafuuraqulqulluu ni fudhattu."

78 Yommu sagalee waaqayyootiif ajajamtan, guutumatti of dabarsitaniikennitan, abdicha ni argattu. Eeyyee, kabajamtoota, Ajajamuu! isa, "Gooftaa,Gooftaa," jedhuu osoo hin ta'in, "garuu isa fedha abbaa guutuu dha." yommuukadhannus, abdichas kadhaa keenya wajjiin dhiyeessuuf dirqama qabna.

Akkuma buufata konkolaataa deemnee goonuttii, "imaluu nibarbaada," jennuutti.

"Garam deemuubarbaadaa?"

"Achii fi achi!"

Kafaltii qabaachuu qabda, kalaltiin kan gaafatamuu yoo ta'e.Dirqamatti kafaltii qabaachuu qabda. Isin, "Gaariidha, xinnoo na eegi,Ani ObbooJoons jedhama! mee amma…? Inni kun garaagarummaa guddaa hin fidu, kafaltiiqabaachuu qabdan. "Haa ta'u, maalummaa sittan himaa, hojii kootiif jarjareejira.Yeroo ittiin taphadhu hin qabu amma." kafalticha qabaachuu yookaan immooqabaachuu dhabuutu isin irraa eegama. Qarshii kafaltan hin qabdan yoo ta'e, hinyaabbattan.

Tikkeetii bittanii gara iddoo xiyyaaraa deemtanii, "gara NewYoorkiitti deemuu barbaada."

"Tikkeetti" kafaltii?"

Isin, "Gaariidha, Ani-Ani-Ani sittan himaa,hanga ammaa harka nahin geenye. Ani nama amala gaarii qabuu dha. gaafa biraa siif kafala."Miti,kabajamtoota, qarshii yoo qabaatte, tikkeetticha harkatti qabachuu qabda.Mul'isuu qabda. Akkas ta'uu qaba.Oh!

Maal jechuu akka barbaade hubattanii? Kafalticha harkattiqabaachuu qabdan! akkas jettanii yaaduu hin qabdan, kafalticha harkattiqabaachuu qabdu. sirrii dha. Yeroo kafalticha kafaltanitti…gatii kafalamuu qabuirratti yoo walii galtan imaluuf isin dandeessisa.Eeyyee, kabajamoo.

79 Phaawus akka nutti himetti,dhiigni dubbachuu Isaa, Phaawuloosdhiigni akka dubbatu nutti himee jira. Dhiigni akka dubbatu ni amatuu? Seerauumamaa 4:1, yookaan, 4:10 keessatti, waaqayyoo Qaa'eliin akkana jedheen,"Obboleessi kee eessa jiraa"? akkana jedhe, "Dhiigni isaa, sagaleenisaa…dhiigni obboleessa keetii, sagaleen obboleessa keetii lafaa sitti iyyaajira."

Akkasumas macaafa Ibrootaa, boqonnaa 12ffaa, caafata 24ffaakeessatti akka hubannutti, isa bara kakuu haarawwaa keessatti, dhiigniiwantoota gaarii akka dubbatuu dha. Dhiigni dubbachaa jira. kanaafuu dhiignisagalee ni qaba jechuu dha. sagaleen dhiigichaa immoo sagalee waaqayyooti.Haaleluyyaa.Dhugaa yookaan soba ta'uu Isaa kan mirkaneessu isa kana. Sagaleenwaaqayyoo beekkamuu kan danda'u sagalee dhiigichaatiin. sagaleen dhiigichaaimmoo hafuura qulqulluu dha. Kun immoo jireenya fida. Innummaan jireenya waanta'eef,sagalee waaqayyoo irratti lubbuu ni fida. Ameen,

Ameen, Ameen.

80 Sirriidha, dhiigni ni dubbata, wanta gaarii dubbata. Bara kakuumoofaatti, dhiigni cubbuu dubbata ture. Bara kakuu haarawaatti immoo waay'eefayyuu dubbata. Bara kakuu moofaatti, dhiigni waay'ee du'aa fi cunqursaadubbata ture. Bara kakuu haarawaatti immoo waa'ee du'aa ka'uu fi jireenyaadubbata. waa'ee fayyuu dubbata. waay'ee gammachuu dubbata. waay'ee humnaadubbata. waay'ee jireenyaa dubbata. waay'ee jeennataa dubbata. Innummaandhiigni walfakaataan sun kan lafa irratti jige, obboleessa du'e isaa waamaature yookaan obboleessa isaa kan isa ajjeesse kan kaasee dha. Dhiigni gooftaaYesus Kiristoos cubbuu keenya hundaa dhiisee jira, nagayaa fi du'aa ka'uus nidubbata, humna, jireenyaa fi fayyuus akkasuma ni dubbata. Akkasumas eebbafayyummaa kan dhiigni jigeef hunda, Dhiigni nuuf dubbata. Dhugaadhumatti, dhiignini dubbata. Oh, waaqayyo koo!

81 Dirqamatti ofitti amanuu qabna,akkuma isaan Misira keessattiraawwatanitti, akkasumas manichaaf;akkuma isaan Misiraa fi Iyyaarikoo keessattigochaa turanitti fi kanaaf kan kana fakkaatan. Akkasumas akka hubannuti,macaafa hojii ergamtootaa 16: 31 jedhamu nan qaba, kan ajajaan humna waraanaaRoomaa duri tokko of ajjeessuuf barbaadee mataa ofii du'aaf dabarsee kennuufjedhetti, Phaawuloos immoo, "Gooftaa Yesuusitti amani, atis ni fayyita maatiinkees ni fayyu." jedheen. Meeshaa mana keenyaa ta'uu qabaataa. Daa'imman baay'eemaaltu…dubartoota baay'ee maaltu akka daandii irra bahan godhe? Balleessaandargaggoota akka hammaatu maaltu godhee? meeshaalee keenya sababa dhiigichajala kaa'uu dinneefi dha.

82 Namoonni tokko tokko akkana jedhu, "Gaariidha, ani kan waldaati,haati koo naan deemtee, Anis-Anis-Anis yeroo daa'imummaa kootitti waldaadhaafkenname.

Dirqamatti mallaticha mul'isuu qabdu.Eeyye, kabajamoo. wantootaaddunyaa gatii hin qabne, wantoota addunya hundaa balleessaa,amantaan keessanhundi sagalee waaqayyootti yoo ta'e wantoota addunyaa jaalachuu hin dandeessan.Yaadadhaa, Inni wantoota kanneen bara dhumaa keessatti waadaa seenee jira.Jireenya keessan hundaa keessa, isa faallaa kanaa ta'e hundaa baasaagataa,qophaa'aas hafuura qulqulluus ofitti fudhadhaa. Sana booda, haruurawaaqayyootti fayyadamaa, yeroo kadhannaatti, qulqullummaadhaan waay'ee isaattiamanaa,ittis cinqamaa.

83 Warra Iffesiyoon 2:12 dubbisuu yoo dandeenye caalatti nuuf ibsa, Hubadhaa, "Waaqayyoo Isa jireenya bara baraa qabu tajaajilaa," mallattoo jireenya barabaraa qabuun, seeraa Isaatiinis bulaa. Warra Ibroota 9:11-14, keessattiswaanuma wal fakkaatu nu hubachiisa. Seera du'aas hin tajaajillu.Nuti waaqayyoIsa jireenya bara baraa qabuu fi mallattoos jireenya bara baraa qabu wajjiintajaajilla.

"Ani waldaa ni dhaqa.Ani miseensa.sirna amantaa ni beeka. Kitaabaamantaa barsiisu ni beeka," miti. kun sirna lubbuu hin qabnee dha.

Garuu mallattoon dhiigichaa inni dhugaan, kan dubbatu, innijireenya dubbatu, inni du'aa ka'e, Yesuus kiristoos,Inni kaseessa, har'aa fiborus tokkoo ta'e dha; sirrii dha, ammaan tanaas jidduu keenya jira. Ameen."Inni wanta gaarii dubbata." haala fi sirna du'aa amantaa irraa osoo hin ta'in,isa gatii jireenya bara baraa qabuu fi Kiristoos Isa du'aa ka'ee fi Isa nukeessa jiru irraa dubbata. miti, wanti akkasii akka hin jirre ni didan, nutigaruu dhugaa ta'uu isaa ni beekna. Garuu nuti warri sagalee waaqayyoottiamannu, waadaa waaqayyoo ta'uu Isaatii fi Innis waadaa Isaa akka kabaju nibeekna, jiraachuu Isaas,kanaan dura wanta raawwate ammas raawwachuu Isaa nibeekna.

84 Isin keessa yoo jiraatee fi,"Haa ta'u, Ani hin hatu.Ani hin hatu,"yoo jettan. Gaariidha, inni sun wanta dhiisuu dandeessanii dha. Hatuu fi sobuuni dandeessu, inni kun namni amala gaarii qabu raawwatuu dha. "Ani ajajaawwankurnan nan eega." Yesuus du'uu Isaatiin dura isaan kana raawwatanii jiru.Eyyee.

Garuu dhimmichi, Kiristoos isin keessa jiraachuu dha! GaraIbrootaa 13:8 keessatti, "Yesuus Kiristoos kaleessa isuma,har'as borus isumasana," Waaqayyoo haala sagalee Isaatiin waadaa galeen, nuuf jecha du'aa Isakaasuudhaan, mirkaneessee jira. Yesuus Kiristoos galgala kana jiraachuu Isaakana agarsiisuu dha. Jireenya Isaa nuuf kennuuf dhiiga wareegame Isaa nifudhanna. Hafuurri mallateeffame qulqulluun Isaa, waadaa nuuf galamee dha.Warra Ifesoon 4:30, akkana jedha, "Hafuura waaqayyoo isa qulqulluu isa guyyaafayyinaatiif ittiin mallateeffamtan hin gaddisiisinaa."

85 Hafuura qulqulluu kanaan gara qaama Kiristoositti cuuphamuun,ergaa gara warra

Qorosxoositti isa duraa 12, hafuurri qulqulluun kennaa garagaraa nuuf kennee jira. Addunyaan kennaa hafuura qulqulluutti hinamanu.Waldaaleen kennaatti hin amanan. Garuu sagaleen waaqayyoo kennaanjiraachuu isaa ni dubbata. Kanaafuu kennaawwan kanneen gargar baasuus hafuuraqulqulluu qofa barbaachisa. Dhugumatti.

Isa keessatti immoo guutummaan Isaa hundi ni jira. Isa keessattiguutummaan waaqayyoo ni jira, waadaaleen hundi guutummatti ni jira.Yommuu garaIsaatti cuuphamnus, waadaalee hundaa waaqayyoo quba keenya irratti nuuf katabeni arganna. Cubbuun tokkos hin jiraatu. Duutis hin jiraatu. Dhibeen iyyuu bakkaInni jirutti jiraachuu hin danda'u. Seexanni osoo harka isaa isin irra kaa'eewanta wayiitiis isin qoroo yaale, hafuura qulqulluu harka keessanittiqabattanii sanyi fayyitan kan gooftaa Yesuus Kiristoosii ta'uu keessan ittimul'iftu.Ameen. Amnataan hin bulbulamne keessan socha'aa, "Ani sanyii GooftaanYesuus Kiristoos gatiin na biteedha." haa jedhu.Ameen. Dhukkubni ni balali'a!

86 Dhukkubni ixii guddaan sun akkamitti kaleessa haadha manaa kooirraa baduu danda'ee? guyyoota dhiyoon dura, oppiraasiyoona ta'uuf xarapheezaairra ooltee turte, amma garuu doktoroonni dhukkubicha arguu hin dandeenye.Kunis sababa humna du'aa kaasuu Yesuus Kiristoosii, hafuurri waaqayyoo, Isahanga ammaas jiruun. Isatu barbadeesse.

Wantoonni kunniin maaliif ta'uu danda'anii? sababa waaqayyoowaadaa galeefi dha. Isin oomisha. Gatii keessan qabadhaa, amantaa hin sochoonekeessan sagalee waadaa Isaa keessatti. Waaqayyoo hafuura isaa nuuf kennee jira…

87 Akkuma sagantaa koo cufaa jira, baay'ee isin tursiisuu waan hinbarbaanneef. Galgala keessaa Sa'aati 3:30tti ni baana.

Waaqayyoo yeroo tokkotti addunyaadhaaf hafuura ni kenneef,sabbatawaaqayyoos ture.hafuuras kenneefi ture. Addunyaas kana booda bishaaniin akka hinbarbadeessinee mirkaneesseef. Innis hafuura sanaaf yeroo hundaa amanamaa ta'eejira. Ameen. Hafuura Isaa gonkumaa mul'isuu dhiisee hin beeku. Waaqayyoomallattoo ni uume, akkanas jedhe, "Ani mallattoo koo isiniif kenna. Isa kana waadaa kanisiniif seenu, yeroo roobni dhufe kamiiyyuu, mallattoo kana isinitti mul'isa."Akkasumas waaqayyo, yommuu mallattoo Isaa uumetti, Kanuma isaa mul'ise, sababniisaas inni su wanta Inni gochuuf waadaa seenee dha. Nurraas waanuma walfakaatauakka raawwannu eega. Mallattoo Isaatiif yoomiiyyuu amanamaa dha.

88 Akksumas nuti hafuura waaqayyootiin kan dhalannee osoo ta'ee,yeroo kamiiyyuu amanamaa taanee ni turra. Isin yoo akaakuu yaadaa aadaa yooqabaattan, miiraa gammaduu addaa yoo qabaattan ta'e, waldaalee biroottimakamtanii, sochii adda addaa agarsiiftanii yoo ta'e, akka tasaa afaanhaarawaan dubbatanii yookaan iyyitanii yoo jiraattan, yookaan olii fi gadiu'utaaltanii yoo jiraattan, yookaan hafuuraan faarfattanii yoo jiraattan, akkajecha keessaniitti. Wantoonni kunnin hundi namoota waaqayyootti hin amannegidduutti yommuu mul'atan argee jira. Inni kun homaa iyyuu hin katabu. Garuudhugumatti yomuu oomishni, jireenyii haarofni Yesuus Kiristoos, gara dhiiraayookaan immoo gara dubartii seenu, inni sun uumama haarawaa dha, eenyummaanisaa kan durii du'ee jira. Dhumee jira. dhumee jira. Hafuurri haarofti kunyeroo hundaa dirqamatti mul'achuu qaba.

89 Waaqayyo kan Isaa agarsiisee jira. Ilaalaa, baroota kumaatamaanlakka'aman sana hundaa, Inni yeroo hundumaa nuti osoo hin agarsiisee turee hinbeeku. Inni yeroo hundaa hafuura Isaatiif amanamaa fi dhugaa dha, wanta Inniraawwate kabajuu gonkumaa kabajuu osoo hin dhiisuu dhabuu Isaa nuttiagarsiisuudhaaf. Inni kabajuu gonkumaa dhiisee hin beeku! Sabbata waaqayyoo niargina, kun immoo waaqayyoo waadaa sana nuuf kennuu isaa agarsiisa. Karaa sanaaakka ta'us himee jira, Inni immoo gonkumaa sagalee Isaa kabajuu dhiisee hinbeeku. Fuulduraafis yeroo hundaa sagalee Isaa ni kabaja. Sana keessatti,mirkaneessee jira. Waadaalee Inni Nuuf seene hundaaf, waadaa Isaa ni eega.

Oh, waaqayyoo hafuura qulqulluu waadaa nuuf seene jira. "Yommuudhiigicha argus, isin irra nan darba. Dhiignis isin irratti mallattoo ni ta'a."

Oh, yaa cubbamaa, galgala kana, bakka kanaa gadi baataa,mallattoosana jalaa akkamitti gadi baataa? Miseensummaa waldaa kamiiyyuu yookaan wantafedhes ta'u irraa akkamitti carraa qabaattaa? Bara jiraachaa jirru keessattisiyaasni akka abdii hin qabne fulduras abdiin akka hin jirre argaa akkamittiwaldandeessisuu dandeessuu

barbaadda? Wantihundinuu dhufiinsa Gooftaa Yesuus Kiristoosittin qofa ta'a, dhufiinsaKiristoosii waldaa Isaa argachuuf.

90 Gamoo kana keessaa akkamitti salphumatti gadi baataa, gola kanakeessaa baata, wantoota dubbachaa turretti fi sirna waldaalee birootti akkamitti of amantaa,kan mallattoo jireenyaakamiiyyuu kan mul'isnee fi Yesuus Kiristoos Isa dhaabbataa ta'e agarsiisuu kanhin dandeenye, akkasumas isa itti fufaa ta'ee fi Isa kaleessa isuma ta'ee fihar'as borus isuma ta'e mul'isuu kan hin dandeenye, fi akkuma Inni waadaagaleen sagalee Isaa mirkaneessuu kan hin dandeenye, fi sana booda dhaabbate,"Guyyoonni raajii darbanii jiru," hafuurri waaqayyoo inni duraa jireenyakeessan keessa jiraa,"? jedhu.

Waaqayyoo hafuura Isaa amma agarsiisaa jira. Yeroo hundumaas ittini amanamaaf. Yeroo du'a keessanitti, ergamtoonni waaqayyoo dhufanii du'akeessan irraa isin baraaru, kun immoo firdiin guddaan addunyaa osoo hinwaraanin dura.

91 Akksumas qulqullicha Yohaannis 5:24 keessatti akkuma dubbisnutti,"Inni dubbii kootti amane."amma, hiikkaan sirrii isaa, "Inni dubbii koodhagahee," miti. Inni kun mootii Iyyaasuu dha. Hiikkaa sirriin warra Ibrootakeessatti, isa kana, "Inni dubbii koo fudhate." Inni dubbii koo dhagaheemiti;namni kamiiyyuu , cubbamtoonni fi kan birroos dhagahuu ni danda'u. Garuu,"Inni dubbii koo fudhate," hunda Isaa fudhachuu ni danda'a. "Inni dubbii kookeessaa garii fudhatee," miti, "Inni dubbii Koo fudhatee, isa ana ergetti amane,"dha. Yommuu sagalee Isaa fudhattan, Isas ni fudhattu. Wantoota Inni raawwadhaajedhe hundumaatti, fedhaa fi gammachuun raawwatu. "Dhuguma dhugumatti isinittihima,dubbii koo dhagahee isa ana ergetti kan amanu, jireenya bara baraa niqaba, inni du'a keessaa gara jireenyaatti darbe malee, gara firdii hin dhaqu."Oh, waadaa akkamiitii! "Yommuu mallattoo kana argetti, isin irra nan darba."

92 Amma irraa eegalee hafuura Isaa waaqeffannaa amanuudhabuuseexanaati fi waldaalee amantaa addunyaa kanaa biroo irratti mul'isuudhaanwantoota Inni waadaa nuuf galetti akka amannu nurraa barbaada. Akkuma sanyiiAbrahaamiittii,Inni eeguu danda'ee jira. Hammamiiyyuu saansaawaa ta'u, Astiroonotabaay'inni isaanii hangamis ta'u, saayinsistoonni hammamis ta'an, al ka'anii isakana fi sana mirkaneessuu danda'anis, bara itti aanuu immoo duubatti deebisan,wanta isaan jedhan irratti hin cinqamnu. Barnoonni keenya hundi jireenya nuufkennuu hin danda'u.

93 Ani magaalaa Universiitiin Arizoonaa jiru keessa jiraadha. wantagatii hin qabnee fi hin gammachiifne malee wantii arge tokkos hin jiru, manneenbarnootaa fi wantoota magaalaa sanaa, guyyaa tokko, ijoollee dhiiraa fi durbaawalitti qabaa dhibba afur kan ta'an uffata isaanii baafatanii, dhugaatii biiraaqabatanii, bakka guddaa Saabinoo jedhamutti sirbaa turan. Daai'mman kunninhundi isaanii naannoodhuma sanaa kan dhufanii dha. Wanti argannee maalii?sanyiin akkamii achi keessa oomishamuu akka danda'u universiitichi isinittihimuu ni danda'a, sanyii kannenitti garuu jireenya uumuu hin danda'u. Barnoonnikeessan waaqayyoo irraa qofa isin fageessa.

94 Jireenya isiniif kennuu kan danda'u tokko qofatu jira. Jireenyaisiniif kennuu kan danda'u tokko qofatu jira, Innis raawwachuu ni danda'a.Hafuuratti yoo fayyadamtan, galgala kana, eenyuumaa Isaatii fi jireenya isiniifkennuuf as jira. Yesuus Kiristoos jireenya keessan. Galgala kana akkuma mataakeenya gadi qabanneen, Isa ofitti hin fudhattanii?

Hundi keessan, keessaa fi alas, of qulqulleessa, kan gamoo kanakeessa fi alas jirtan hundi keessan. Kuni yeroo gaddaati. Kun yeroo itti galatagalchinuu dha. Kun yeroo teessoo keessan irratti waaqayyoon galateeffattaniidha, har'a, sabootanana, isin sooruu Isaatiif akka galateeffattan nan abdadha. Albuudnidu'aan,jireenya keessaniif wanti wayii du'uu isaa,akkasumas isin akkajiraattaniif biqilqoota guddisuu isaatiif galatteeffadhaa.

95 Amma, galgala kana, isa jireenya uumamaa kan hin taanee fi albuudadu'aa ta'ee isa gara lafaatti deebi'u osoo hin ta'in, isa jireenya bara baraaqabu maaliif hin fudhanne, bakka Inni wanta wayii kennee, guddisee, Ilma ofiiIsaa;kan isin gara fakii Isaatti itti fakkeeffamtanitti, hafuura keessanhaaromsuun, kan keessan dhiiftanii kan Isaa fudhachuuf, Isa hafuura ta'ee fikan ittin jiraattan. Gaafa du'aa ka'uus isin biraan darbuun du'aas isin kaasa.

Inni kun galata galchuu dhugaa ta'uu qabaata. Inni kun waaqayyooinni guddaan karaa isiniif qopheessuu isaatiif galata guddaa kan ittigalchitan, isa jireenya bara baraa fuldura keessan kan isiniif qopheese,teessoo ofii Isaa irratti, galgala kana isin affeeraa

jira. Akkamitti irraagara galtuu? teessoo bira teessanii akkamitti soorata isa uumamaa ta'eefgalateeffattu, aadaa abbootiin imaltoonni keenya dur raawwatan,guyyaa galatagalchuutti;galgala kana yommuu tajaajila xinnoo kanaan isiniif ibsamuu maaliifhin fudhattanii?

96 Maaliif ammuma kana ofitti fudhattanii, “Obboleessoo Biraanhaam,Ani jireenya akkasii barbaada. Isa nan fudhadha. Yesuus anaaf jecha du'e.Akkasumas, Ani akka tasaa, waldaa biraatti makamee jira ta'a, sirna amantaas niqaba ture, garuu, jireenya isa dhugaa Kiristoosii arguun koo baay'ee nadinqisiisee jira, Innis akkuma bara durii lafa irra jiraachaa turetti, anakeessas ni jira,ani garuu kana hubachuu hin dandeenye ture, ObboleessooBiraanhaam. Amma immoo akka qabaadhu nan barbaada. Mirkaneeffachuu nanbarbaada,” hin jettan.

Carraa kana argachuuf turuu hin qabdan. Baay'ee barfanneejirra.Carraalee kanneen argachuuf barfachaa jirra. Ammuma kana mee haafudhannu.

Amma, gara aarsaa kanatti namoota fiduu hin danda'u. Gochuu hindanda'u, kana gochuuf galli gahaan hin jiru. Garuus gara aarsaatti waamuunisaadaa dha. Gara aarsaatti waamuun bara Weesliitti eegale. Kan dhugaa, “Baay'eenisaanis amananii cuuphaman,” jedha macaafni qulqulluun.

97 As keessatti, arguu kan danda'u, baalkonii gubbaa, naannawaKooridaritti, gubbaa fi jala girgiddaatti,teessoo dheera irratti, meeqatujira,namoonni meeqa diidaa fi gola gamoo jala akka jiran hin beeku. Garuu,meeqa keessantu, mallatticha sana, hafuura qulqulluu jireenya keessankeessatti, isa fuuldura keessanitti of mul'isu barbaadaa? Fuulduraawaaqeffannaa fi wantoota addunyaa kanaatti, isa Yesuus kiristoos kleessa kanture, har'aa fi borus isuma ta'uu isaa kan ta'e, dhigichi Isaa mul'achuu isaa.Harka keessan ol kaastanii, “Obboleessoo Biraanhaam, Ani amma, harka koo olkaasuun, waaqayyoos of mirkaneessa,Jireenya koo keessatti Isa sana nanbarbaada.NA kadhadhu, obboleesso Biraanhaam,” jettu.

Akka tilmaamutti yoo ta'e, harkoonni digdamni ol ka'anii jiru. Dabalannijiraa? Olumaa kaasaa, waaqayyoo isin arga. Anis arguu baadhu, Inni ni arga. Baalkoniigubbaatti, gola of argaa gubbasiitti, harka keessan ol kaasuu yoo dandeessan, waaqayyo isin arga. Warri diida jirtanis, waaqayyo isin arga. Iddoo teessoowaaqeffattooni taa'aan warri teessa, harka keessan osoo ol kaastanii waaqayyooisin arga.

98 Obboleessoo, obboleetti, isin warrii Gooftaa Yesuus Kiristooswaggoota dura fudhattan, akka tasaa hafuura waaqayyoo fudhadhee jira jettaniisinitti dhagahamuu ni danda'a. Innis sirrii dha jedhee nan abdadha.Ni qabduyoo ta'e, waay'ee sana cinqamuu hin qabdan. Inni ofuma isaatiin ni balaqisa……..Kiristoos isin keessa yoo jiraate, of argaa waaqayyoo kan ta'e, macaafaqulqulluu waaqayyoo keessatti of argaa. Taatonni macaafa qulqulluun maal akkafakkaatan alaalaa,Daani'eeli fi Eziqeel wajjiin, Kirtaanota bara durii wajjiinwal fakkaachuu keessan madaalaa. Isaan wajjiin wal madaaluu keessan ilaalaa. Amala addunyaawaa qabduu? Addunyaa yookaan immoo wantoota addunyaa nijaalattuu? Isaan kun hundi isiniif jecha du'anii, isin dhalata haarawa taataniijirtuu?

Gara duuba kootitti, gara qarqara kanaan, mee harka keessan olkaasaatii, Na yaadadhu, obboleessoo Biraanhaam, Ani dhugaadhumatti mallattoosana mul'isuu nan barbaada.Jireenya koo keessatti na barbaachisa. Dirqamatti qabaachuu qabaadha, “jedhaa. Waaqayyoo isin haa eebbisu, waaqayyoo isin haa eebbisu. Eeyyee,baay'een keessan, Gooftaan isin haa eebbisu. Waaqayyoo isin haa eebbisu.

Amma, haalli biraa osoo jiraatee ni hawwa, erga harka keessanhaala sanaan ol kaastanitti, jalasittis akkasuma baay'een isaanii harka isaaniiakka ol kaasan hin mamu, kanaafuu, ni dinqisiifanna…amma maal haa godhu? wantiasii qabu, sagalee waaqayyoo isinitti himee jira, Ani… karaa salphaa anibeekuun, anis nama salphaa waan ta'eef. Kunis immoo wanta isin irraa eegamuudha, salphumatti. Salphaa of godhaa. waaqayyos akkuma salphaa ta'etti.

99 Cuuphaa Kiristaanaa isa sirrii ta'etti cuuphamtanii kan hin beekneyoo ta'e, koottaa. galgala kana, isin cuuphu, cuuphamuu kan barbaaddan yoota'e. Karaan jireenyaa akka jiraatu kan godhe waaqayyoon galateeffadhaa. Yerooamma, Ameerikaa keessatti isin jiraachisuu Isaatiif galateeffadhaa. Waldaasagalee waaqayyootti amanu isiniif kennuuIsaatiifwaaqayyoon galateeffadhaa.Wanta soorattanii umrii xinnoo ittiin jiraattan isiniif kennuuIsaatiif,waaqayyoon galateeffadhaa, amma immoo maalif Isa ofitti

fudhattani,hafuura qulqulluu jireenya bara baraa isinnf kennuu hin galateeffattan. Maaliifdhuftanii, sana hin fudhattanii? Namni biraa kan harka isaa hin kaafnee fi ammakaasuu kan barbaadu, asitti kan natti mul'atu jiraa? Gaarii dha. Dubartiidargaggoo, waaqayyoo si haa eebbisu. Dubartii dargaggeessa sana waaqayyoo haaeebbisu. waaqayyoo si haa eebbisu. Gaarii dha.

100 Dhugaan jedhaa, onnee irraa dhugaan jedhaa. Yeroo cufuu irra jirraamma, daqiiqaa shan qofa qabna, hanga sa'aa sadihii fi walakkaatti. Meeamma,warrii diidaa fi keessa jirtan hundi yeroo muraasaaf haa teenyu. Waay'eekana onneen haa xiinxallinuu. Dhugumatti sochii ni fida. Garuu mee amma irraaeegallee waay'ee sochii yaaduu haa dhiifnu. Dhugummaa wanta raawwachaa jirruuyaa yaadnu, "Amantaadhaan harka koo gara wareegama kiyya Yesuus Kirsitoos irranan kaa'a. Du'a Isaatiin of mul'isuu nan barbaada. Ani addunyaan na ga'ee jira.Hooliwoodiin na ga'ee jira. Faashiniin na ga'ee jira."

Dubartoonni, "Dabbasaa koo ciruun na ga'ee jira. Uffatasaalfachiisa uffachuun na ga'ee jira. Meekappi uffachuun na ga'ee jira. Kaartaataphachuun na ga'ee jira. Wantootni addunyaa gatii hin qabne na jibbisiiseejira."

Ati dhiirtis akkasuma, "Alkoolii dhuguun na gahee jira. Tambooarsuunis ni ga'ee jira. Dhara dubbachuun na ga'ee jira. Taphachuun na ga'eejira. Qaldiin na ga'ee jira. Jechoota saalfachisaa macaafni qulqulluun ittigaafatamtu jedhe na ga'ee jira."

"Isa maxxanfame nan barbaada. Jireenya koo keessatti hafuura waaqayyoonan barbaada. Amma irraa eegalee, amantaadhaan harka koo, Isa naaf wareegame,Yesuus Kiristoos irra nan kaa'a. Ani akka dhiira du'e yookaan dubartiiduute,durba yookaan immoo shamara duutetti of ibsa. "Amma Isa wajjiin du'eejira,jiraachuu kootiif Inni waan du'eef. Isa keessatti immoo jireenya kooargachaa jira. Oh, yaa waaqayyo, galgala kana, jireenyi bara baraa akka nakeessa jiru akka beekkamu godhi."

101 Yaadota sanneen itti yaadaa. Wantoota sanneen itti amanaa. Gareentuuta namootaa, gubbasii fi jalana, dhaabbachaa jiran kun isa kanadhugaadhaanii fi onnee irraa ofitti haa fudhatan. walgahii fayyisuu kanaan duraargitanii hin beekne ni argitu, yommu inni kun eegalu, inni sunis ni eegala.Amma, wanti nu barbaachisu lubbuu keenya fayyisuu dha, amantaa, wanti wayi kannu keessatti sagalee waaqayyoo qabatu, yommu sagaleen dhugaa ta'uu Isaa yommuuargitanitti. "callisaatuma sagalee waaqayyoo dubbadhaa, Ininis ni ta'a. Akkumawarri Roomaanotaa Yesuusitti himan, "Callisi sagalee qofa dubbadhu, Innis nita'a."

102 Abbaa keenya Ati kan samii keessaa, amma kadhannaan koo du'aa fijireenya gidduu ta'uu isaa hubadhe jira. Dirqamatti maal jechuu qabaa, yaaGooftaa? Jechoota akkamii haafayyadamuu? Ibsaa akkamiitiin gara Kee haa dhufuu, Yaa Gooftaa? Maal jechuu akka qabu hin beeku. Isaan harkaisaanii kaasanii jiru. Duuba isaatti wanta jiru ati ni beekta, dhugaan ta'uuisaatii fi ta'uu dhabuu isaa, yookaan immoo dhugumatti onnee irraa jechuuisaanii ati ni beekta. Dhugaan yoo jedhan, yaa Gooftaa, Sagalee Kee dhugaan akkata'e ani nan beeka. Wanta waadaa seente hunda raawwachuuf ati qophii dha.

Akkasumas saboota sanneenifis amma nan kadhadha. Tokkon tokkooisaanii, adeemsichaaf isaan nan dhaala…Kiristoosiif. Hunda isaanii, galgalakana ergaa kanaaf akka loltootaatti nan dhaala,Isa dhiiga Yesuus Kiristoosii fihafuura qulqulluu isa dhiigicha irraa argamu.Keemikaalli, sirriidhumatti, Innidhiiga Isaa kennee jira.Foon isaa ni kaase, garuu dhiiga Isaa ni kenne.Keemikaalonni, yeroo dheeraa dura, Qaraaniyoo irratti goganii jiru. Garuuharuurri keemikaala keessa ture, hafuurri qulqulluun keemikaala keessa ture,akkuma haarawa ta'ee fi dhugaa ta'een, galgala kana, akkuma guyyaa seelonniqaama Isaa keessatti cabaniin jira.Inni sun hafuura. Inni sun hafuura, isajireenya bara baraa qabuu dha, Inni jireenya bara baraati. Isaan mataa isaaniigadi qaban tokkoon tokkoo isaanii irratti fudhachuu yoo danda'an akka bu'u nankadhadha.

103 Isaan baay'ee si galateeffatu, galgala kana, yaa gooftaa, haalahundaa mijeessuu keetiif. Isaan Yesuus kiristoosiin baay'ee galateeffatu, qaamadu'a kan Ati fayyummaa keenyaaf lafaa kaafte, jireenya Isaa yoo fudhanneejireenya bara baraa akka argannuu agarsiisuuf jecha. Gara garee namoota harkaisaanii ol kaasan kanatti haa dhufu. Akka tasaa gariin isaanii immoo, kanagochuun kan isaan irraa eeggamu ta'uu isaa beekanis, garuu kanaan duramulqatanii dhiisanis, qaama isaani irratti madaan fayyee mul'achu hangadanda'utti. Fedhii addunyaa kana booda hin qabaatan. Yaa waaqayyoo, nama

sanaammas sochoosi. Yeroo dhumaatiif ta'uu danda'a galgala kana biyya lafaa irrakan jiraatan. Guyyaan boruu barfatuu ni danda'a.

Obbo Kenediin kokkolfaa karaa keessa gadi deemaa akkamittidaqiiqaa dabalataa tokko keessatti, jilba haadha manaa isaa irratti akka boqatubeeke, boqate. Torbee darbee, gammadaa ture, gammachuudhaan ijoollee isaawajjiin taphachaa ture, galgala kana immoo qaamni isaa awwaala keessatti baqaajira.Nama kabajamaa, Pireezadaantii keenya kan ta'e,garuu duutii kana booda hinkabajamu. dhufuu qabaata.

104 Amma immoo, Yaa Gooftaa, boqachuu sanaaf sa'aa kana keessatti nuqopheessi. Ani nan fudhadha, akka haarawaatti yaa gooftaa. Yaa, Gooftaa,galgala kana, akkuma waltajjii kana irratti dhaabbadheen Si wajjiinhaaromsamuuf fedhii gudda qaba.Akkuma ganama kana waa'ee daawwi kee isa tabbairaa dubbadhuun, Yaa Gooftaa, Waaqayyo, waadaa Siif ni seena, haarawa, hangaAti akka jiraadhu fedha qabaattetti, akkasumas yaadota koo hunda haabarbadeessu, jireenya dhunfaa koo ati balleessi, jireenya Gooftaa YesuusKiristoos Haa balaqisu, sagalee waadaa bara kanaatiin. waadaan guddaan kunimmoo namoota as keessa jiran hunda irrra kan bu'u haa ta'u, maqaa YesuusKiristoositiin waan gaafannuuf.

105 Akkuma mataa keenya gadi qabanneen, amma.

Burqaan dhiigaan guutame ni jira,

FoonImaanu'eel keessaa kan cophu,

cubbamtoonnis lolaa dhiigichaa laddattifannifamnii turan.

Hir'inni cubbuu isaanii hundi ni dhiifameef,

Hir'inni cubbuu isaanii hundi ni dhiifamee,

Hir'inni cubbuu isaanii hundi ni dhiifameef;

Cubbamtoonni ladda lolichaatti fannifamanii turan,

cophnicubbuu isaanii hundi ni dhiifameef.

Amma, akkuma mataa keenya gadi qabneen. Isin warri, “GooftaaYesuus Kirsitoos fudhattan. Ani isin barbaada.Hafuura keessan nan barbaada.”ilaalaa, kadhanna keessantu isin fayyisa, amantaa keessantu isin fayyisa. Onneekeessan guutuun ni amantanii Cuuphaa isa dhugaa Kiristaanaaf qophii dhaa,meeharka keessan ol kaasaa? Akkana jedhaa, “Qophaa'ee jira,” jedhaa.Waaqayyo isinhaa eebbisu. Waaqayyoo isin haa eebbisu. Sun dhugaa dha. Warri gadii, hammanakka taatan hin beeku. Waaqayyoof waadaa seenaafi. Qarqara duubaatiin warrijirtan, “ Ani amma Gooftaa Yesuus Kiristoosiin amanee jira, Cuuphaa isa dhugaaKiritaanaatiifis qophii dha,” jedhaa.

“Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, cubbuun keessan akka isiniifdhiifamuuf, tokkoon tokkoon keessan maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiincuuphamaa, Kennaa hafuura qulqulluus ni argattu.” dhimma maaliitiif? Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiin maaliifcuuphamtuu? haqama cubbuutiif;qulqullaa'uuf! “Waaqaa gaditti maqaan biraanamoota jigguutti hin kennamne.” Haqama cubbuuf! “Kennaa hafuuraas ni argattu. Abdiin waaqayyoo abdachiise isiniifi ijoollee keessaniif, warra fagaataniijiraatanii, waaqayyo keenya gooftichi itti waamu hundaafis.”

106 Akkasumas waaqayyoo isin waamee, isinis harka keessan ol kaastan,abdiin waaqayyoo abdachiise kan keessan. Galateeffadhaa. Yaada keessan garanagodhaati eenyummaa keessan Kiristoos wajjin ibsaa, akkuma cuuphamuuf asdhuftanitti.Yeroo cuuphamuu barbaaddanitti tajaajilaan asitti isin argeetajaajila cuuphaatiifis isin qopheessa.Kan barbaaddan yoo ta'e, uffata cuuphaafi wantoota barbaachisan, bakka cuuphaatti qopheessaniru jedhee yaada. Boroofhin bulchinaa. Ammuma raawwadhaa. “Inni maarashaa harka isaatti qabatee garaduubatti ilaaluu eegale, qonnaaf ga'aa miti.” (Teeppichi hin dhagahamu)

Hafuuricha bakka hojiikeessanitti mul'isaa. bakka hundattuu agarsiisaa. Gmmaddanii yoo ta'e, harkakeessan ol kaasaati, waaqaaf hgalata galchaa, Kiristoos wajjiin ramadamuukeessaniif. Waaqayyoo isin haa eebbisu. Eeyyee.

107 Amma, obboleettin Orgaanicha irra jirtu, Amantaan koo Sibarbaada.Obboleetti Aanaa Jiyaan, Piyaanoo wajjiin nu gargaaruu yoo dandeesse.Amantaan koo si barbaada, bakka teenyee ol kaa'a, yeroo muraasaaf waaqayyoowabii kennuudhaaf. Mee amma hundi keenya, faaruu galataa waldaa durii kana faarfachaa,fulduraaf, iddoo kana,

addunyaa kana, guyyaa galata galchuu itti aanuu duradhiifnee kan deemnu yoo ta'e, guyyaan hundaa guyyaa galata galchuu keessan ta'uuqabaata, sagaleen waaqayyoo yoomiiyyuu waan jiruuf, nutis Isa wajjiin waanqoodamneef,du'a Isaa, awwaalamuu Isaati fi du'aa ka'uu Isaatiin.

Amma immo, isin warri, sadarkaa jalaa jirtan, warri gubbasBaalkonii irra jirtan, warri ala,kooridarii irra jirta, namni wayii amma asittiisin arga, dhimma cuuphaa bishaanii keessan isin irraa fuudhuuf, yeroo xinnookeessatti.

Mee amma, ija keenya haa cufne, harka keenya ol haa kaasnuu,kennaagalata galchuu waaqayyootiif, warrii sadarkaa jalaa,olii fi bakka hunda jirtanhundi keessan. Gaarii dha.

Amantaan koo gara Kee ilaala,

Ati hoolichi Qaraaniyoo,

O, fayyisaa waaqeffannaa;

Amma kadhanna koo na dhagahi,

Cubbuu koo hunda na irraa haqi,

Anis…

Har'a irraa eegale guutumatti kan kee haata'u!

Karaan dhiphoon jireenya dukkana kan aniirra dhaabbadhe(Ati naa ibsi)

Gaddinaannawa ko na marsee,(hafuura Kee naaf agarsisii)

Ati qajeelchaa koo ta'i,

Dukkana gara guyyaatti naaf geeddari,

Oh, soda a koohunda Ati naaf qulqulleessi,

Jireenya koohunda Si irra akka hin fagaanne na gargaari.

108 [Obbolleessoon Biraanhaam sagalee suutaatiin dubbachuu eegalan,"amantaan koo Si irratti hundaa'a." Obboleessi tokko afaan haarawaan dubbachuueegale.Teeppichi hin dhagahamu. Obboleessichi afaan haarawaan dubbachuu isaaitti fufe. Sagaleen teeppichaa hin dhagahamu. Obboleessi biraa immoo hiikkaaisaa kenne.]

Qulqulluu isa dhugaa ta'aa. Waamicha isa kana fakkaatuun,kaadhimamtoota kanneen gara bakka aarsaa dhiyeessutti waamuun natti dhagahame.Amantaan keessan isa sana barbaadaa? yeroo waaqeffattoonni hundi dhabbataniihafuurri namtichaa tokko irra bu'ee, afaan haarawaan raajii dubbatee, hiikkaanisaas himame yaadattu. Kanaafuu, amma ani kaadhimamtoota gaafachuutti jira,gara fulduratti kan dhuftan yoo ta'e, isin warri Isa kana hin qabnemirkaneeffadhaa. Akeekkachiisa sana dhageeffattani jirtuu? Yeroo dabalataabaay'ee hin qabdan.Galgalli kun carraa keessan isa dhumaa ta'uu danda'a,Isattikan boottan yeroo isa dhumaatiif ta'uu ni danda'a.

109 Nuti akkuma mataa keenya gadi qabanneen, garana dhuftuu. Irradeebinees sagalee gadi qabannee ni faarfanna, "Burqaan tokko ni jira"( ammumakana sirreessa), dhiiga Imaanu'eeli irraa cophuun kan guutame."Gaarii dha.Akkuma mataa keessan gadi qabattan. Koottaa, kaadhimamtoota. Ani nanbarbaada…Waaqayyo isin haa eebbisu. Qajeelaa amma ol koottaa, warri sadarkaaolii fi sadarkaa gadii irra dhaabbachaa jirtan ol koottati bakka tokkottiwalitti qabamaa, tajaajilaas gadi ergee isin akka keessumeessu nan godha. Garafuulduraatti tarkaanfadhaa. Isin warri dhufaa jirtan amma koottaa. Hinfageessinaa. Seexxanii, "Oh, yeroo biraa haa ta'u," akka jedhu hineeyyaminaafi. Ammuma kana raawwadhaa. Ammuma kana, dadafaa, socho'aa. Meeshaakeessan harkatti qabadhaa, meeshaa keessan hunda harkatti qabadhaaa, yeroondhumaa dhufaa jira.

…cophacubbuu.
Copha cubbuuisaanii hunda ni qulqulleese.
cubbuu isaaniihundaa.

As dhufuu keessan itti fufaa, qajeelumatti gadi kootta, nannawahundaa irraa kootta.

Akkasumas-akkasumascubbamtoonni fannifamanii…

Hin yaalinaa, carraa qabachuuf hin yaalinaa. carratti fayyadamuufbaay'ee

barfannee jirra, hiriyyoottan. Kna mamtan yoo ta'e, amma koottaa,Yeroon amma.

Hattichi du'uufjedhu arguu isaatiif gammade.
Burqaansun(Oh,galata galchuu isa dhugaa!)… bara isaa;

Namni wayii waaqayyoof galata galachaa jira sababa Inni ilma isaa ergee saboota biroo wajjiin ibsamuuisaatiif.

… gadi aanaaa akkainni,
cubbuu koo hunda narraadhiqe…
Dubartitti karaa darbituun kennaafi. Sirri dha, obboleetti olkoottu.
Cubbuu koo hundaa nairra dhiqe,
cubbuu koohunda…(oh, yeroo akkamiiti!)… narra dhiqe.
Oh,akkasumas akka isaagadi aanaa,
Cubbuura koo hundanarraa dhiqe.

Oh, burqichi as jira amma. Warri bakka hunda jirtan harka keessankaasaa, waaqayyoof galata galchaa. Galata galchaa!

110 Abbaa keenyaa, yaa waaqayyo, galata keenya nurraa fuudhi, galgalakana, saboota kana gara mootumma keetitti simadhu,yaa Gooftaa. maqaa Gooftaakeenya Yesuus kiristoosiin galata Siif galchina.

Isin obbooleewwan gariin namoota kanneen giduu deemaa. Gara jidduunamootaatti qajeelaan koottaa.

Galanni waaqayyoof haa ta'u! galgala kana ani ni galateeffadha,hafafuura qulqulluudhaaf galanni haa ga'u, wantoota Inni nuuf gochaa jiruhundaaf.

Isin warri bakka aarsaan dhiyeeffamu jirtan, lubbuu keessan Isaafdabarsaa kennaa amma.Inni kun yeroo jireenyi gara keessan dhufe haa ta'u.

Copha cubbuu isaaniihunda gatan.

Waaqyyoof galata galchaa amma, hundi keessan, kennaa galataawajjiin.Kennaa hafuura qulqulluu isinif waadaa seenee jira, isaaf galatagalchaa. Wanti isaan gochaa turan sana,waaqayyoon galateeffachuu fi eebisuu ,waadaa isaaniif galameef. Amma itti amanaa!

Obboleessoo Daan,Koottu.

www.messagehub.info

Kan Lallabame
William Marrion Branham
*"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7*